

KOTTAA KOLFCAA!!

Kitaaba Bohaarsaa Nama Barsiisu

EEBBISAA BAAYISAA ABEETUU

© EEBBISAA BAAYISAA ABEETUU 2016

Kitaaba kana heyyama barreessaa malee karaa kamiinuu baay'isuu fi rabsuun seeraan dhorkaadha. Madda eeruun garuu wabeeffachuun ni danda'ama.

Teessoon ittiin na argattan:

Eebbisaa Baayisaa

Bilbila: 0938056085

Iimeeylii: ebabayissa@gmail.com

Feesbuukii: Facebook/Eebbisaa Baayisaa

Baafata

Galata	8
Seensa	10
KUTAA TOKKO	12
BAACOOWWAN OROMOO	12
Lafa Ati Lixxe Lixee... ..	13
Xiqqoo Gad Siqa!	14
Hirriban Dhabe	16
Ati Lammaffaa Kooti!	17
Kan Dubartootaa Hin Beeku...!	18
Na Dammaqsi!	19
Jaallannee Miti!	20
Sangaatu Jira!	21
Namni Biraan Siree Kana Irra Jira!.....	22
Nan Irraanfadha!	23
Maal Sitti Hime?	24
Mootummaan Ni Rafa!.....	24
Ala jiru!	26
Of Ilaalee	27
Maaliif Hin Gubdan?.....	28

Duruman Sodaadhe!	29
Jaappaanii fi Afaan Ingilizii	30
Balaliisaa Xiyyaaraa	31
Raajii Barsiisotaa	32
Lafatu Aduutti Naanna'a jennaan... ..	33
Anis Nan Irraanfadhee... ..	34
Mana Kireeffamun Barbaada!	35
Maal Kolfita?	36
Waardiyyoonni Hin Jiran!	37
Nu Biraa Deebi'i!	38
Bilbila Naaf Bilbili!	39
Lubaa fi Daaqonii.....	40
Amma Utuu Ani Du'ee.....	41
Ammas Na Reebda jedheen... ..	42
Na Hin Amantu!.....	43
Kutaa Dhiqannaa Keessatti	45
Mucaan Keenya Gaafa Guddate.....	45
Yohaannis Ni Du'ee?.....	46
Wallaahii, Ani Kiristaana!	47
Kaannisa Hin Filanne!	48
Kaannisni Ishee Kam?.....	49
Ani Lubbuun Jiraadhee.....	50
Inni Silaa Hin Jiruu?	50

Gabreeli, Nama Kee Adda Baafadhu!.....	52
Amma Deemuu Dandeessa!.....	53
Anaanoo Hin Dubbatiin Jettanii... ..	54
Akkoon Koo Hin Du'iin Haftii?	56
Yaa Abbaa.....	56
Ijoolleen Koo Eessa Jiru?	58
Xoophiyaan maal nu goote?.....	59
Maaloo Na Bulchaa!	61
Maal Ta'aree?	63
Hin Dhuftuuree?.....	65
Dhiifama Naaf Godhi!.....	66
Dabaree naqadhaa!.....	67
Utuu Galagalee.....	68
Nan Kufe!.....	69
Neet-woorkii Hin Dhiphiisiin!	70
Amma Maaltu Sitti Dhaga'ama?.....	71
Dhagaa Fe'uuf.....	73
Natti Himeera!.....	73
Bungul Bungul!	75
Imbooh... ..	76
Lubbuu Haa Maaru!	77
Anatu Si Ajjeesa!	78
Nagaatti Isiniin Jechuuf	79

Diivii Hin Guutinaa!	81
Hoolaan Maal Jedhamti?.....	83
Rakkoon Jira!	83
Balballi Banaadha!.....	84
Kana Irraa Maal Baranna?	85
Si Haa Cabsu!.....	87
Isaafan Jedheem!	88
Uffata Koo Eessa Kaa'u?	89
Maal Wayya?	90
Suuta Jedhikaa!	90
Jennata "Minaalbaataaf"... ..	91
Yakka Kee Beektaa?.....	92
Gatii Waliif Galuu Wayya!	94
Callisi!	94
Afur!	95
Marii Jara Lachuu... ..	96
Filii Fudhadhu!.....	97
Nan Danda'a!.....	98
Ni Duute!	99
KUTAA LAMA	100
BEEKUMSA WALII GALAA	100
HAQAWWAN AJAA'IBSIISOO TOKKO TOKKO.....	100
Qaama Namaa Ilaalchisee	101

Galata

Addunyaa hin amansiisne kana keessatti jireenya amansiisaa isa naaf laate; bara jireenya kootti balaa gurguddaa irraa kan na hambise; abdii kutadhee lafan itti jireenyaaf tuqaa kaa'etti kan na bira dhaabate; lubbuun lafa irra na jiraachisuun isaa utuu na ajaa'ibuu nama lammii isaaf bu'aa buusu isa na taasise; hafuura ani baafadhu caalaa isa natti dhi'aatu; akka agartuu ija isaatti isa na eege; jaalala naaf qabu jechaa fi sagalee qofaan utuu hin taane isa hojiidhaan mul'ise; isa ani waa'ee isaa dubbadhee dubbadhee hin xumurre, galateeffadhee galateeffadhee oolmaa isaa deebisuu isa ani hin dandeenye **WAAQAYYOOF** galanni ani qabu adda. Bara baraan haa galatoomu malee maalan jedha?

Obbolummaan gadameessa tokko keessaa ba'uu akka hin taane sirraan bare. Haala ani keessa jiru hubachuuf fuula koo qofa ilaaluutu si ga'a. Bakkan itti namni naaf qaqqaba jedhee dhala namaa hin eeggannetti—mirga koo dhaabattee waan na barbaachisu naaf guutuu utuu yaaltuun si arge. Jaalalaa fi kabaja guddaan siif qaba! Waloo Lataa Qana'ii Aagaa!

Diboora Baayisaa Abeetuu (waggaa 12): Mucaa abbaa koo ishee dhumaa. Jaalalli ati baacoo Oromoof qabdu kitaaba kana qopheessuuf kaka'umsa naaf ta'eera. Umuriin kee xiqqoo taatus fedhii fi beekumsi kee na ajaa'iba. Baacoowwan ani kitaaba kana keessatti barreesse baay'ee isaanii situ natti hime. Guddaa guddaan si galateeffadha. Guddattee si arguun abjuu koo tokko. Naaf jiraadhu.

Namoonni ani maqaa keessan hin dha'iin hafe na hofkalchaa. Firan baay'adha, hunda keessan maqaa waamee hin fixu. Karaa tokkos ta'u karaa lama, gargaarsa naaf taasistaniif garaa irraan isin galateeffadha.

Seensa

"Kan qabu kan darbate dabeessa hin jedhamu!" jedha Oromoon yoo mammaaku. Akka barreessaa tokkootti afoola Oromoo irratti hojjechuuf dirqaman qaba. Dubbistoonni koo hedduunis yaadni naaf laattan kanuma. Kitaabota dhimma xiin-sammuun wal qabatan qofa irratti xiyyeeffachuun koo afoola Oromoo barreessuu fi beeksisuu irratti booddee akka na hin hambisne yaaddoo qabdan naaf ibsitaniittu. Dhugaa qabdu. Afaan keessan waan ta'eef afaan keessaniif yaaddan. Anis kanuma keessan. Afaan keessan afaan koo, aadaan keessan aadaa koo, duudhaan keessan duudhaa koo—walumaa galatti eenyummaan keessan eenyummaa kooti. Isin ana, anis isin! Nuti Oromoodha. Hundeen keenya Oromummaadha.

Kitaaba koo **Kottaa Kolfaa** jettu kana kutaa tokkoffaa keessatti baacoo Oromoon waliif himee ittiin wal bohaarsuu fi barsiisu argattu. Baacoowwan kana akkuma isaan hawaasa keessa jiranittan kaa'e. Jijjiiruu hin barbaanne, aangoo isaas hin qabu. Maaliif? Qabeenya hawaasaa waan ta'aniif. Kanaafuu, darbee darbee jechoota safuu keessatti arguu maltu. Na hofkalchaa!

Kutaa lammaffaa keessatti immoo beekumsa walii galaatu jiru. Odeeffannoowwan dhugaa fi qabatamoo ta'an kanneen nama ajaa'ibsiisan maddoota adda addaa irraa walitti qabee kaa'een jira. Haqawwan ajaa'ibsiisoo kana walitti qabuun hojii nuffisiisaa fi yeroo bal'aa fudhatu ture. Jireenya koo keessatti abdii kutannaa waanan hin jaallanneef, garaa bal'adhee goolabaan ga'eera. "Kutataan karaa hin dhabu!" jedha mitii Oromoon?

Akkuma yeroo kamuu, asittis dhaamsi koo tokko! Dubbisaa. Wal dubbisiisaa. Kennaa waliif kennaa. Hamilee horadhaa. Mataa hin buusiinaa. Haalli keessa jirru har'a dukkanaa'aa ta'us, ifa gaara garas jiru yaadnee baacoowwan keenyaan kolfuu fi bohaaruu kan nu dhorku hin jiru. Inni guddaan haala ilaalanii abdii kutachuu dhiisuudha! Yaa lammii koo, mee jajjabaadhaa. Inni bara uume—abbaan baraa—Rabbi yoo jedhe, barri kun ni darbitii. Barri kun darbitee, nutis akka sabaa...

Horaa bulaa! Dubbisa gaarii isiniif haa ta'u!

KUTAA TOKKO

BAACOOWWAN OROMOO

Lafa Ati Lixxe Lixee...

Namoota lamatu ollaa jiraatu turan. Lachuun isaanii machaa'uudhaan beekamu. Baay'ee wal jaallatu. Inni tokko dureessa, inni kaan immoo hiyyeessadha.

Guyyaa tokko inni hiyyeessi sun isa dureessaan akkana jedhe, "Maaliif mana araqeen itti qophaa'u hin banannu? Yoos ofii keenyas dhugaa achumaanis daldallee bu'aa irraa argannaa! Ati maallaqa natti kenni. Animmoo mana araqeen itti qophaa'u ijaareen, nama hojjetu itti qacaree hojicha eegallaa!"

Namichi inni dureessis itti waliif galuudhaan horii guddaa itti kenne. Hiyyeessichi garuu hojii yaadame utuu hin hojjetiin maallaqichatti garmalee fayyadamee fixe. Isa booda dureessichi guyyaa guyyaatti horii sana gaafatee isa rakkise. Jireenya itti hadheesse.

Homaa fala dhabnaan murtoo ulfaataa tokko murteesse. Of ajjeesuu! Isa booda mana borootti deemee of fannise. Dureessichi akkuma amala isaa maallaqa isaa gaafachuuf yoo dhufu hiriyyaan isaa sun of fannisee arge.

Baay'ee gadde. Gaddi isaa garuu lubbuu hiriyyaa isaaf hin turre. Maallaqa isaa malee. Achumaan, "Maallaqa hamma sana narraa fuutee utuu naaf hin deebisiin of ajjeestaa? Gowwaa kee barbaaddadhu! Lafa ati lixxe lixeen sirraa fudhadha!" jedhee erga dhaadatee booda uffata isaa baafatee hiriyyaa isaa sana biratti of fannise. Maaliif of fannise? Lafa hiriyyaan isaa lixe sana lixee maallaqa isaa irraa fudhachuuf! Ni milkaa'aa laata?

* * *

Xiqqoo Gad Siqa!

Guyyaa tokko namoota biyyoota adda addaa irraa walitti dhufantu wal ga'ii taa'e. Namoonni hundinuu waa dubbachuu yeroo barbaadan dursanii eenyummaa isaanii fi biyya irraa dhufan ibsatu.

Namichi biyya Amerikaa irraa dhufe of ibsuu eegale. "Galatoomaa! Maqaan koo Edwaardi Miilsi jedhama; biyya Amerikaa irraan dhufe. Egaa akkuma beekamu gamoowwan biyya keenyaa dheerinni isaanii samuu

tuqa..." jedhee yeroo dubbatu namichi Itoophiyaa irraa deeme addaan isa kute.

"Maal? Maal jechuudha? Akkamitti gamoon dheeratee samii tuqa? Dubbiin kun dhugumaa?" yoo jedhu, namichi Amerikaa sun, "Xiqqoo gad siqa!" jedhe.

Itti fufee kan of beeksise nama Itoophiyaa sana ture. "Carraan argadhe kanaaf isinan galateeffadha. Maqaan koo Miijananaa Dibaabaati. Biyya Itoophiyaa jedhamtuun dhufe. Lakkoofsa uummataan akka Afrikaatti nuti beekamoodha. Maaliif? Dubartoonni biyya keenyaa karaa handhuura isaanii da'u..." jennaan Edwaardi Miilsi dabaree isaa itti iyye.

"Akkamitti dubartoonni karaa handhuura isaanii da'u? Kun ni danda'amaa?" jedhe. Obbo Miijanaa deebiseefii, "Xiqqoo gad siqa!" jedheen jedhama.

* * *

Hirriban Dhabe

Namicha tokkotu hirriba dhabuun rakkate. Rakkoo guddaaf yommuu saaxilamu gara ogeessa xiinsammuu deemee mariisuu murteesse. Ogeessi xiinsammuu rakkoo isaa haalaan erga dhaggeeffatee booda yaada furmaataa kenneef. "Galgala utuu hin rafiin dura qaama kee dhiqadhu. Nyaata garaatti hin ulfaanne nyaadhu. Isa booda ciisi. Ija kee wal irra buufadhu. Ganama erga hirribaa kaatee hamma galgalaatti wantota hojjette hundumaa duraa duubaan yaadadhu. Utuma yaadachaa jirtuu hirribni si fudhatee sokkaa!" jedhe.

Namichis gorsa hayyuu sanaa fudhatee gale. Galgala akkuma inni jedhe godhe. Ganamaa eegalee wantota hojjechaa oole yaadachuutti ka'e. "Ganama ka'een mana fincaanii deeme. Fuula koon dhiqadhe. Cireen nyaadhe. Waajjira koon deeme. Abbootii dhimmaa keessummeessaan oole. Sa'atiin laaqanaa yoo ga'u laaqana nyaachuufan hoteela deeme. Kalaankala tokko ajajadheen nyaadhe. Qarshiin kenneef..." erga jedhee booda sagalee ol kaasee iyye. "Uu..uu...uu! Edaa qarshii abbaa dhibbaa itti kennee deebii hin fudhatiinan hafe. Nan irraanfadhe

edaa..." Ni iyye. Hirriba barbaaduuf hirriba dhabuun ni jira!

* * *

Ati Lammaffaa Kooti!

"Hin quufiin hin utalan! Hin utaaliin hin caban!" jedhee inni Oromoon mammaaku yoom soba ta'e? Gurbaan tokko saantima liqimse. Saantimni sun qoonqootti rakkatte. Isa booda wallaansa barbaachisu argachuuf gara Hospitaalaa deeme. Qorannoon taasifameefii booda saantimni sun tajaajila wallaansa baqaqsanii hodhuun malee keessaa ba'uu akka hin dandeenye itti himame. Beellamni kennameefii yeroon isaa yoo ga'u kutaa itti baqaqfamu seene. Sodaa guddaa keessa ture.

Baay'ee akka inni sodaachaa jiru kan hubate dokterri haasaa gabaabaa waliin taasise:

Doktera: Baay'ee waan sodaatte natti fakkaata.

Dhukkubsataa: Eyyee dokter baqaqfamuu caalaa maaltu nama sodaachisa jetteeti?

Doktera: Hin sodaatiin. Hanga ammaatti namoota ani baqaqsee hodhuun wallaane keessaa namni du'e tokko qofa.

Dhukkubsata: Tole dokter! Hanga ammaatti namoota meeqa baqaqsitee hodhiteetta?

Doktera: Ati lammaffaa kooti!

* * *

Kan Dubartootaa Hin Beeku...!

Barsiisaa Baayoloojiitu barattoota isaa barsiisa ture—gaaf tokko. Mata dureen barumsa isaa waa'ee madda ykn ka'umsa dhala namaa ture.

"Madda dhala namaa ilaalchisee yaadota gurguddoo lamatu jiru. Yaadni inni jalqabaa, yaada amantiiti. Akka yaada kanaatti nama Waaqatu uume. Inni lammaffaan immoo yaada saayinsiiti. Dameen Baayoloojii kan Ivoluushinii jedhamu akka ibsutti namni jaldeessa irraa dhufe. Jijjiirama tirannaadhaan—suuta suutaan—akka

amma jiru kana ta'e. Addunyaa saayinsii keessatti yaada kun daran fudhatama qaba" jedhee dhi'eesse.

Yeroo kana barattuun tokko gaaffii gaafachuuf harka kaaste. "Namni bineensota irraa dhufe taanaan eegeen isaa eessa lixeree?" jette.

Barsiisaan xiqqoo erga itti yaadee booda akkana jedhee deebiseef, "Kan dubartootaa eessa akka lixe hin beeku; kan dhiirotaa garuu dudduubaa gara fuula duraatti darbe!"

* * *

Na Dammaqsi!

Abbaa manaa fi haadha manaatu turan. Yeroo baay'ee waliif hin galan. Wal lolu. Akka itti fuudhaa ta'ee abbaan manaa ganama hirribaa ka'uu hin danda'u. Yeroo inni dhimma barii isa kaasisu qabaatu isheetu dammaqsa.

Guyyaa tokko akkuma amala isaanii wal lolan. Walitti hin dubbatan. Wal cufan. Abbaan manaa garuu bor ganama sa'atii 11:30 tti beellama baay'ee barbaachisaa qaba ture. Akka itti isheetti himatu dhabe.

Battalumatti yaadni tokko isaaf dhufe. Beeksisa barreessee karaa isheen raftu keenyan manaatti maxxansuu. "Bor ganama sa'atii 11:30 tti na dammaqsi!" Yeroo sa'atiin isaa ga'u isheenis waan gootu wallaalte. Akka hin dammaqsine wal cufaniiru. Isheefis akkuma isaa yaadni tokko dhufe. Waraqaa fi qalama fudhattee barreessuutti kaate. "Amma sa'atii 11:30 ta'eeraa dammaqi!" jettee barreessitee karaa inni rafee jiruun maxxansite. Eenyutu eenyuun gadi?

* * *

Jaallannee Miti!

Kun seenaa dhugaa biyya Amerikaatti ta'edha.

Abbaa manaa fi haadha manaa baay'ee dulloomantu konkolaataadhaan karaa deemu turan. Saffisa baay'ee sodaachisaadhaan utuu konkolaachisanii tiraafikiitti dhufan. Tiraafiniin deemsa isaan dhaabsisee, "Maal taatan warra koo? Maaliif saffisa sodaachisaa akkanaa fiigdu? Suuta jettanii nagaan ga'uu hin wayyuu?" jedhee gaafate.

Yeroo kaana jaarsi karaa gabbiinaa harka isaa gad baafatee gurmoo/qolee tiraafikichaa rurukkutaa akkana jedhe, "Ilma

koo! Nutti hin murteessiin. Jaallannee miti! Silaa umuriin nu deemteettii, yoo suuta jennee konkolaachisne lafa deemaa jirru irraanfanna. Utuu galma keenya hin irraanfatiin achi ga'uuf fiigna!" jedhe.

* * *

Sangaatu Jira!

Guyyaa tokko namicha tokkotu hiriyyaa isaa hidhamee ture tokko gaafachuuf mana hidhaa deeme. Achi ga'ees akka carraa namni inni beeku tokko hidhamee arge.

"Maal aboo, anoo akka ati hidhamte hin dhageenyee. Waaq si haa hiiku! Maal hammam sitti murteessan?" jedhee gaafate.

"Waggaa lama natti murteessan!"

" Ofii maal balleessitee hidhamte?"

"Mee dhiisi! Finyoo meetira sadii hatte jedhanii na hidhan."

"Maal namana, finyoo meetira sadiif waggaa lama sitti murteessuu? Bar kun ajaa'iba!"

"Fiixee ishee irra immoo sangaatu jira!"

* * *

Namni Biraan Siree Kana Irra Jira!

Namicha macha'aa tokkotu ture. Galgala galgala yeroo hundumaa machaa'ee gara manaatti gala ture. Galgala tokko akkuma amala isaa machaa'ee yommuu dhufu haati manaa isaa nama biraa waliin raftee turte.

"Siree kana irra namni biraan jira!" jedhee haadha manaa isaatti hime. "Lakkii, namuu hin jiruu rafi. Waam machoofteefii" jettiin. Isa booda miila namaa lakkaa'uu eegale. Miilli ja'a ta'e. "Ani hin jennee? Kunoo miila ja'atu siree kana irra jira!" jedhe.

Isa booda, "Hin jirun siin jedhe! Yoo rafte rafi. Ammallee yoo shakkite immoo ka'ii dhaabadhuu lakkaa'i!" jette.

Siree irraa bu'ee—lafa dhaabatee—baay'ina miila siree irra jiruu lakkaa'uu eegale. "Tokko, lama, sadii, afur!" Miila

afurtu siree irra jira. "Dhiifama nan dogoggoree! Edaa nama lama qofatu jira!" jedhee haadha manaa isaa nama biroo waliin ciistee jirtu dhiifama gaafate jedhama.

* * *

Nan Irraanfadha!

Dhukkuba rakkisaa tokkoon qabamee gara ogeessa fayyaa deeme—namichi tokko.

"Dokter, jireenyan jira miti! Waanan amma dhaga'e ammuman irraanfadha. Rakkoon kun jireenya koo keessatti baay'ee na miidhe! Falli koo maali?" jedhee fala gaafate.

"Rakkoon kun yoom si jalqabe? Sirraa tureeraa?" jedhee gaafate.

"Rakkoon maalii?" Ni irraanfate!

* * *

Maal Sitti Hime?

Maraatuu tokkotu nama karaa irra deemu tokkotti waa hime. "Ani mucaa Waaqaati!" jedhe. Yeroo kana maraatuun biraan immoo fuullee dhaabatee ilaala ture.

Innis fiigee namicha bira dhufee, "Namichi ammaa maal sitti himee?" jedhee gaafate. Namichis, "Ani mucaa Waaqaati naan jedhe!" jedhee deebiseef. Achumaan maraatuun lammaffaan kun, "Dhiisi, ni soba. Isa hin dhaga'iin. Ofumaa haasa'a malee inni mucaa koo miti!" jedhe.

* * *

Mootummaan Ni Rafa!

Barattuu kutaa shanaffaati. Barumsa Lammummaa fi Amala Gaarii guyyaa dareetti barattetu isheef hin galle. Kanaaf abbaan ishee akka isheef ibsu barbaaddee isa gaafatte.

"Abbaa! Har'a barnoota Lammuummaa fi Amala Gaarii keessatti wanti ani baradhe haalaan naaf hin galle! Utuu naaf ibsitee?" jette.

"Waa'ee maaliiti?" jedhee gaafannaan, "Jechoota akka qaama ol aanaa, qaama gad aanaa, mootummaa, uummata, dhaloota haaraa fi kkf" jette.

Abbaan ishee hamma isaaf danda'ame erga ibseefii booda fakkeenya kenneef. "Amma fakkeenyaaf, haala qabatamaa mana keenya keessa jiruun siif haa ibsu. Mana keenya keessatti ani abbaan kee qaama ol aanaadha, harmeen kee mootummaadha, obboleessi kee (mucaa waggaa tokkoo fi walakkaati) dhaloota haaraadha, hojjettuun keenya immoo qaama gad aanaadha. Amma siif galee?" jennaan, "Eyyee, sirriitti naaf galee jira" jette.

Sa'atiin hirribaa geenyaan hundi isaanii rafan. Halkan walakkaa kaatee mana fincaanii deemuuf yoo kaatu, waan amanuu hin dandeenye tokko argite. Abbaan ishee hojjettuu mana isaanii gudeeduuf wallaansoo qaba ture. Ni rifatte. Harmee ishee yoo ilaaltu raftee jirti. Obboleessi ishee—daa'imni xiqqaan sun—boo'aa jira. Suuta jettee kutaa isheetti deebi'uun waan ta'aa jiru sana yaadannoo ishee irratti barreeffatte. Yaadannoon isheen barreeffattes akkana jedha:

"Qaamni ol aanaan qama gad aanaa yommuu cunqursu (rakkisu) mootummaan ni rafa; uummanni dhaabatee ilaala; dhaloonni haaraan immoo boo'aa jira!"

* * *

Ala jiru!

Biyya tokkotti maraatuun baay'annaan mootummaan biyyichaa biyya alaatti akka isaan yaalaman galmeessuu eegale. Maraata galma'an kanas xiyyaaratti naqee akka deeman taasise. Xiyyaara keessattis baay'ee jeequ turan.

Jara keessaa inni tokko fooyyee qaba. Hin jeequ. Hin dubbatu. Callisee taa'a. Kanaaf namichi itti gaafatamummaadhaan fuudhee deemaa jiru sun namicha fooyya'aa sana jara irratti muude. "Ammaa jalqabii jara kana naaf to'adhu. Akka isaan hin jeeqni taasisi!" jedhee ofii isaa boqochuuf kutaa biraa seene.

Xiqqoo turraan sagaleen namaa xiyyaaricha keessaa dhabame. Akka waan namni keessa hin jirree callisni guddaan isaa ta'e. Itti gaafatamichi shakkee kutaa keessa ture keessaa ba'ee yoo ilaalu, hundi isaanii hin jiran.

Namicha isa muudame sana qofatu taa'ee jira. "Maal jarri eessa deeman? Akkamitti qofaa kee hafte?" jedhee gaafannaan, "Callisaa jennaan didan. Kanaaf adabamuu qabu. Balleessaa isaanii irraa kan ka'e akka jilbeeffatanin taasise. Jilbaaffatanii jiru. Ala kana jiru!" jedhe jedhama.

* * *

Of Ilaalee

Dargaggeessa tokkotu ture. Kutaa kudha lammaffaa akkuma xumureen haadha manaa fuudhe. Fuudhee utuu hin turiin immoo harmee isaa bira ishee kaa'atee hojii barbaaddachuu gara magaalaa guddaa deeme. Yoo hojii argate battalumatti dhufee akka ishee fudhate waadaa seeneef. Magaalaa deeme sanatti waan ajaa'ibsiisaa tokko arge. Of ilaalee. Yeroo sana of ilaaleen hin turre.

Of ilaalee arge sana baay'ee ajaa'ibsiifatee haadha manaa isaaf kennaa erguuf bite. Ni ergeef. Isheenis keessatti of ilaalaa boossi turte. Utuu walirraa hin kutiin yeroo dheeraa boosse. Harmeen mucihaa gara haadha manaa ilma isaanii sana deemanii maaliif akka isheen boossu gaafatan.

Miira baay'ee dheekkamuun of ilaalicha itti kennitee, "Ilaalaa! Raajii ilmi keessan narratti hojjete. Deebi'ee dhufeen si fudhadhaa jedhee waadaa naaf seenee utuu jiruu, dubartii kana fakkaattu achii fuudhee! Isayyuu fuudhuun isaa xinnaannaan ilaaltee haa aartu jedhee meeshaa kana keessa kaa'ee natti ergee!" jette.

Jaartiin irraa fuudhanii yeroo ilaalan waan ajaa'ibsiisaa argan. "Dubartii dulloomtuu tokkotu keessa jira. Achumaan, "Muu yaa intala koo! Mucaan koo jaartii kana fuudhee? Kanaaf jettee boossaaree? Isheenoo jaartiidhaa hamma duutii kanaaf hin boo'in!" jedhan jedhama.

* * *

Maaliif Hin Gubdan?

Aanga'aan biyya Indii tokko daw'annaaf gara Finfinnee dhufe—dhi'oo kana. Magaalattii keessa deddeebi'ee waan baay'ee erga daw'atee booda, dhuma irratti iddoo awwaalaa bataskaana Sillaasee daw'ate. Achittis awwaala aanga'oota biyyattii hedduu argee ajaa'ibsiifate. Gaaffii tokko gaafate: "Namni erga du'ee booda iddoo hamma

kana bal'atu irratti awwaaluun keessan maaliif? Reeffi bu'aa maal qaba? Maaliif akka biyya keenyaa reeffa isaanii ibiddaan hin gubdan?" jedhe.

Namichi daw'achiisus deebii quubsaa kenneef. "Nuti akka biyya keessanii erga namni du'ee booda hin gubnu. Utuu inni lubbuun jiruu jiraatti guggubna!" jedhe.

* * *

Duruman Sodaadhe!

Biyya keenya keessa Chaayinoonni baay'ee baay'ataniiru. Haala amma jiruun yoo itti fufan baay'inni isaanii yeroo booda gara sodaachisuutti deema. Gaaffii abbaa biyyummaa akka isaan hin kaasne wabii maal qabna?

Namicha Chaayinaa tokkotu mucaa durbaa biyya keenyaa tokko jaallate. Akka aadaatti waan barbaachisu hunda guutee fuudhe. Isa booda mucaa ilmaa dhalche. Wanti nama gaddisiisu garuu mucaan inni dhalche kun dhalatee ji'a afuritti jalaa du'e.

Yeroo kana haati intalittii—amaatiin isaa—boossee dhiisuu didde. "Anoo duruman sodaadhe! Meeshaan Chaayinaa kamuu lubbuu hin dheeratuu!" jette.

* * *

Jaappaanii fi Afaan Ingilizii

Pirezidaanti Baaraak Obaamaan Galma Mootummaa Ametikaa (White House) tti muummicha Ministeeraa biyya Jaappaan simatanii turan. Muummichi Ministeeraa sun Afaan Ingilizii waan hin beekneef namoota afaan hiikantu barbaachisu. Haa ta'u malee, yoo xiqqaate akka inni ittiin nagaa gaafatuuf leenjii gabaabaan kennameef. Afaan Ingiliziidhaan erga Obaamaa nagaa gaafatee booda isa itti aanu immoo turjumaanaan waliif galu.

Leenjiin kennameef akkana ture:

Jalqaba yommuu Obaamaa argitu: "*How are you? (Akkam jirta?)*" jetta. Inni immoo, "*I am fine, how are you?*" siin jedha. Isa booda, "*Mee too! (Anis akkasuma!)*" jedhi jedhan.

Yeroon wal arguu ga'ee jarri lachuu wal dubbisuu eegalan:

Muummicha Ministeeraa: *Who are You? (Ati eenyu?"*
(Harkaa badde)

Obaamaa: (Xiqqoo bitaa itti galee) *I am Mishel's husband!*
(Ani abbaa manaa Miisheli!)

Muummicha Ministeeraa: *Me too! (Anis akkasuma!)*

* * *

Balaliisaa Xiyyaaraa

Dhalli namaa jireenya isaa keessatti abjuu qaba. Maarree abjuun gurbaa tokkoo balaliisaa xiyyaaraa ta'uu ture. Guyyaa tokko kitaaba akkaataa ittiin xiyyaara balaliisan barsiisu tokko argatee gammachuudhaan bitatee gale.

Isa booda qajeelfama kitaabicha irra jiru hordofee xiyyaara balaliisuu eegale. Akkamitti akka lafarraa ol kaasan dubbisee ol kaase. Akkamitti akka ittiin deeman dubbisuu xirraarichaan deemsa itti fufe.

Dhuma irratti garuu wanta nama sodaachisutu isa mudate. Xiyyaaricha lafa qubachiisuu barbaadee kitaabicha yommuu dubbisu, "Jaallatamaa dubbistoota keenyaa, akkamitti akka xiyyaara qubachiisan immoo maxxansa itti aanu keessatti isiniif ibsina!" jedha.

* * *

Raajii Barsiisotaa

Barsiisota Keemistirii, Fiiziksii fi Baayoloojiitu guyyaa tokko barsiisota isaanii qabataniidaw'ii deeman. Bakka daw'atanittis haroo guddaa tokko argan.

Achumaan barsiisaan Baayoloojii uumama haroo sana keessa jiru qorachuuf harichatti seene. Barsiisaan Fiiziksii immoo gad fageenya haroo sanaa safaree ilaaluuf, dhiibbaa fi wantota biroo achi keessa jiran qo'achuuf itti seene.

Barsiisaan Keemistirii qofaa isaa ala dhaabatee hafe. Eegnaan eegnaan jarri bishaan keessaa ba'uu didan. Eegeedadhabee garaa kutannaan akkana jedhee yaadannoo

qabate: "Baayolijjii fi Fiiziksiin lachuun isaanii bishaan keessatti bulbulamoodha!"

* * *

Lafatu Aduutti Naanna'a jennaan...

Barataa kutaa ja'affaati. Barnoota Hawaasaa keessatti lafti kun aduutti akka naannoftu baratee gale. Waan kana ajaa'ibsiifatee galee abbaa isaatti hime. Abbaan isaa hin baranne. "Soba akkanaa akka ati barattuuf miti mana barumsaatti kanan si ergu!" jechuun hamma inni quufutti reebe—abbaan isaa.

Bor mana barumsaa yeroo deemu barsiisaa Hawaasaa gaafate. "Waan ati kaleessa nu barsiiste abbaa kootti himnaan na reebe. Akkamitti lafti aduutti naanna'a? Akka nuti beeknattoo aduuti lafatti naanna'aa?" jedhe.

Barsiisaanis dubbichi dhugaa akka ta'ee fi abbaan mucichaa akka dogoggore irra deebi'ee mirkaneesseef. Gurbichi ni joonja'e. Kan eenyuu fudhatee kan eenyuummoo akka gatu wallaale. Daftara Hawaasaa fudhatee yaadannoo mataa isaa qabate: Mana barumsaatti

lafatu aduutti naanna'a; mana keenyatti immoo aduutu
lafatti naanna'a!

* * *

Anis Nan Irraanfadhee...

Abbaa manaa fi haadha manaatu boo'icha deemuuf manaa
ba'an. Yommuu karaa bu'an haati manaa dibaabee ishee
akka irraanfatte yaadattee, dhaabatee akka ishee eeguuf
abbaa manaa ishee gaafatte. Ni dheekkame.

"Maaliif qalbii dhabda? Akkamitti dibaabee koo
irraanfattaa? Ofii keeyyuu amma of irraanfatta" jedhee
haalaan itti dheekkame.

Haati manaa waan irraanfatte sana fudhachuuf gara
manaatti deemsa eegalte. Xiqqoo erga deemtee booda
ammaan manaa maqaa ishee waame: Anis haguuggii
mataa koo irraanfadheen dhufee naaf fidii kottu!

* * *

Mana Kireeffamun Barbaada!

Namoota magaalaa jiraannuuf waa'een kiraa manaa nuuf gala. Keessumaa magaalaa Finfinnee kanatti yaaddoon namoota hedduu mana jireenyaa dhabuudha. Maarree namichi tokko mana kireeffamu akka isaaf barbaaduuf gara dallaalaa deeme.

"Mana akkamii barbaadda?" jedhe—dallaalichi. Innis deebiseefii, "Mana mooraa bal'aa qabu, mooraan sun immoo biqiloota magarisa nama hawwataniin guute. Kutaa dhiqannaa miidhagaa akkasumas kutaa itti nyaata bilcheessan mijataa kan qabu. Walumaa galatti, jireenyaaf baay'ee hawwataa kan ta'en barbaada!" jedhe.

Isa booda dallaalaan deebii gabaabaa kenneef, "Obboleessa kiyya, mana akkanaa argachuu barbaaddaa? Manni kireeffamu kan akkanaa naannoo kana hin jiru. Eessa jira beektaa? Kitaaba warra Jehoovaa irra!" jedhe.

* * *

Maal Kolfita?

Barattoonni lama maraatanii Hospitaala Amaanu'elitti yaalamaa turan. Yeroo dheeraa yaalamaa turanii guyyaa tokko dokterri isaanii hammam akka fooyyee qabu ilaaluuf qorannoo eegale. Kutaa inni keessatti qoratu keessa fakkiin balbala manaa fakkaatu keenyan irratti kaafamee jira.

Dokterichi maraatu isa tokko banatee akka inni gad ba'u abboome. Balbala sirrii akka hin taane—fakkii qofa ta'uu isaa yoo beeke—hin yaalu. Yoo wallaale garuu banachuuf yaalii taasisa. Haala kanaan hammam akka fooyyee qabu argisiisa jechuudha.

Maraatichis tole jedhee keenyan dhiibuu eegale. Fakkichi balbala itti fakkaatee humnaan dhiibuu itti fufe. Yeroo kana maraatu inni biraan taa'ee isa sanatti kolfi. Inni sun ni dhiiba; inni kun immoo ni kolfi.

Dokteriin inni kolfu kun fooyyee hin dhabu jedhee yaade. Tarii akka inni sun dogoggore baree itti kolfaa jira ta'a.

Itti galagalee, "Maal kolfita?" jedhee gaafate.

"Maal ta'e namichi maaliif ofumaa itti rakkata? Hin argituu kunoo dokter, furtoon balbalichaa kunoo na harka jiraam!" jedhee giiphii isaa qaqqabachuu eegale. "Cophxoo irratti fanxoo!" jedhe namni keenya.

* * *

Waardiyyoonni Hin Jiran!

Dhukkubsatoota maraatanii Hospitaala Amaanu'el seenan keessaa namoonni sadiitu turan. Akkamitti akka achi keessaa ba'an mari'atan. Daree barsiisotaa seenanii uffata barsiisotaa uffatanii waardiyyoota wallaalchifatanii deemuuf ka'an. Yeroo balbala irra ga'an teessumni waardiyyootaa duwwaadha. Achumaan dhaabatanii ilaalanii, waardiyyoonni isaan gowwomsanii ba'uuf turan waan hin jirreef deebi'anii galan. "Waardiyyoonni hin jiran! Eenyuun gowwomsinee baana?" jedhanii bakka dhufanitti deebi'an.

* * *

Nu Biraa Deebi'i!

Guyyaan tokko tokko rakkina fidee dhufa. Halkan tokko abbaa manaa fi haati manaa rafanii utuu jiranii halkan walakkaa hattoonni mana isaaniitti seenan. Meeshaa isaanii guurrachuu eegalan. Haati manaa abbaa manaa hirribaa dammaqsatee rakkoon guddaan akka uumame itti himte. Ka'ee hattoota kana akka hari'uufis gaafatte. Inni garuu baay'ee sodaachuu irraa kan ka'e ni callise.

Meeshaa guurratanii yommuu isaan ba'anii deemsa jalqaban firaashii irra ciisaa turan fudhatee booddeedhaan hordofe—abbaan manaa. Hattoonni sunis dheekkamanii, "Maal barbaacha dhufte? Si ajjeesna, yokaan nu biraa deebi'i!" ittiin jedhan. Namichis deebiseefii, "Maal mana jijjiirrachaa jirra mitii?" Maaliif na ajjeefu?" jedheen jedhama.

* * *

Bilbila Naaf Bilbili!

Abbaa manaa fi haati manaa jechoota icciitii ittiin waliif galan qabu. Fakkeenyaaf, bilbila bilbiluun saal-qunnamtii raawwachuudha. Yeroo tokko wal lolanii utuu jiranii abbaan manaa mucaa isaa ofitti waamee ergaa ergate. Harmee keetiin, "Har'a galgala bilbila naaf bilbili jedheera jedhii itti naaf himi!" jedha. Mucaanis deemee dhaamsa abbaa isaa kana harmeetti hima.

"Bilbiluu hin danda'u! Bilbilli koo saantima hin qabu!" jettee deebisteef.

"Yoos deemeen bilbila bakkee irraa bilbila!" jedhe—inni immoo.

"Deemuu dandeessa! Yommuu ati baatu ani immoo mana keenya mana bilbilaan taasisaa!" jette jedhama.

* * *

Lubaa fi Daaqonii

Lubani sagalee guddistuu qabatanii, "Qodaa buusii keessaa kan saantima hate eenyu?" jedhu. Daaqoniin dudduuba taa'ee, "Hin dhaga'amu!" jedha. Ammas irra deebi'ee dubbate. Ammas akka hin dhaga'amne itti hime—Daaqoniin. Yeroo kana lubni ni aare.

"Mee kottuu as dhaabadhuu dubbadhu; bakka kee taa'een akka hin dhaga'mne ilaalaa!" jedhe. Daaqoniin afeerraa kana gammachuu guddaan simate.

Bakka lubaa dhaabatee—sagalee guddiftuu qabatee—dubbachuu eegale. "Isin keessaa eda galgala haadha manaa namaa wajjin kan bule eenyu?" jedhe. Lubichi akkana jedhan, "Dhugaadha ilma koo! Dhugumayyuu hin dhaga'amu!" Iji naachaa fi iji raachaa bishaan keessatti wal arga jedhama mitiiree?

* * *

Amma Utuu Ani Du'ee...

Namicha tokkotu daw'iif gara biyyoota Lixaa kana deeme jedhan. Biyya tokko keessa naanna'ee miidhaginaa fi guddina biyyichaa ajaa'ibsiifataa ture. Dhuma irratti iddoo awwaalaa beekamaa tokko seenee daw'achuu eegale.

Siidaawwan awwaalaa sana irratti barreeffamee kan jiru yommuu dubbisu baay'ee ajaa'ibsiifate. Ajaa'ibsiifachuu qofa miti; wantichi bitaa itti gale. Dokter Abaluu, dhalatee ji'a ja'atti du'er; Injiinar Abaluu dhalatee waggaa tokkoo fi ji'a sadiitti addunyaa kanattii du'aan addaan ba'e; Kaappiteen Abaluu dhalatee waggaa lamatti boqote...jedha.

Daw'achiisaa isa waliin ture gaafate, "Barreeffamni kun maal jechuudha? Biyya kanatti namni utuu hin dhalatiin doktera, injiinara, kaappitaanii...ta'aa? Gadameessa keessatti baratanii dhalatumoo?"

Daw'achiisaanis, "Akkana miti. Biyya kanatti lakkoofsa umurii namaa kan eegallu guyyaa inni gadameessa keessaa ba'e irraa miti. Guyyaa inni itti gumaacha qabatamaa tokko biyya isaaf taasise irraa eegalla" jedhe.

Xiqqoo itti yaade. Ofii isaa haala akkamii keessa akka jiru xiqqoo yaadee booda gaaffii isaa itti fufee, "Amma utuu ani asitti du'ee anaafoo maal barreessituree?" jedhe.

Daw'achiisaanis, "Hamma ammaatti seenaa qabatamanii—oolmaa dhaloonni yaadatu—biyya keef waan hojjette qabdaa?" jedhee gaafate.

"Dhugaa dubbachuuf yoo ta'e, hamma ammaatti seenaa yaadatamuuf malu waanan hojjedhe hin qabu!" jedhee deebiseef.

"Yoos egaa" jedhe, "Utuu ati biyya kanatti duutee siidaa awwaalaa kee irratti maal jennee akka siif barreessinu beektaa? Abalu Abaluu, akkuma dhalateen du'e jenna!" jedheen.

* * *

Ammas Na Reebda jedheen...

Mucaa tokkotu jira. Guyyaa tokko saantima lafaa argatee fudhatee manatti gale. Harmeen isaa itti aartee hamma isa

ga'utti reebde. "Lammaffaa waan lafa bu'ee jiru akka hin fudhanne!" jettee haalaan akeekkachiiste.

Guyyoota keessaa gaaf tokko mucichii fi harmeen isaa lama ta'anii utuu karaa adeemanii, harmeen mucaa mucucaattee kufte. Qabee akka ishee kaasuuf harka ishee itti erginaan mucaan irraa baqate.

"Maal taate? Maaliif qabdee lafa kanaa na hin kaastu?" jettee gaafatte—ajaa'ibsiifachaa.

"Harmee! Yeroo darbe lammaffaa waan lafa bu'e akka lafaa hin fuune jettee hammam akka na reebde ni yaadatta mitii? Qabee yoon si kaase ammas akka amala kee na reebda jedheen si baqadhe!" jedhe jedhama.

* * *

Na Hin Amantu!

Mucaa xiqqaa tokkotu barumsa Dilbataa barata ture. Guyyaa tokko barumsaa yommuu inni galu harmeen isaa, "Ilma koo! Har'a maal baratte?" jettee gaafatte.

Deebii kenneef, "Har'a maal baranne seete? Museen saba Israa'el geggeessee biyya Masiriidhaa baasnaan deemanii deemanii Galaana Diimaa bira ga'an. Galaanichi riqicha waan hin qabneef akka itti ce'an dhaban. Isa booda Museen akka isaan muka muranii fidan namoota abboome. Muka namoonni fidan sanaanis wal gargaaranii riqicha guddaa hojjetan. Sabichi egaa riqicha guddaa sana irra ce'e kan jedhu baranne!" jedhe.

Harmeen mucichaa dubbii isaatti aarte. Kun faallaa Macaafa Qulqulluuti. "Ilma koo! Kun barumsa dogoggoraati. Ani seenaa sana nan beeka. Akkana miti!" jette.

Yeroo kana mucichi, "Harme!" jedhe, "Dhugaa dhugaa isaaree utuun sitti himee na hin amantu! Kanaafan itti dabalee sitti hime!" jedhe.

* * *

Kutaa Dhiqannaa Keessatti

Namichi tokko mucaa xiqqoo tokko qaba ture. Guyyaa tokko mucaa isaa kana waliin kutaa dhiqannaa (shaaworii) seenee dhiqachuu eegalan. Utuu dhiqachaa jiranii mucaan mucucaatee kufuuf ka'e. Kufuuf kaanaan filannoo biroo waan hin qabneef qaama hormaataa abbaa isaa qabatee oole.

Achumaan abbaan isaa, "Argitee! Utuu harmee kee waliin seente ta'ee maal qabattee oolta? Silaa ilkaan sirraa dhume oole!" jedhe.

Mucaan Keenya Gaafa Guddate...

Maatiin tokko afur ta'anii jiraatu turan. Abbaa manaa, haadha manaa, mucaa isaanii fi obboleettii haadha manaa turan. Abbaan manaa ija isaa obboleettii haadha manaa irra erga kaawwatee tureera.

Guyyaa tokko halkan walakkaa suuta jedhee haadha manaa biraa ka'ee gara iddoo ciisicha obboleettii haadha manaatti deemsa eegale. Haati manaa akka tasaa

dammaqxee yeroo ilaaltu ishee bira hin jiru. Akka isheen dammaqxe yeroo hubatu harkaan lafa qabatee daa'imuu eegale.

Ibsaa itti ibsitee yoo ilaaltu mana keessa daa'ima jira. "Maal taate namana, ni maraattee kan qullaa daa'imtu?" jettee itti iyyite. Isa booda akkana jedhee deebiseef, "Lakkii hin maraannee! Mucaan keenya xiqqaan kun gaafa umuriin isaa ga'e akkuma kanatti daa'ima mitii jedheen. Yeroo sana isa shaakalsiisuufan amma shaakalaa jiraa!" jedheen.

* * *

Yohaannis Ni Du'ee?

Namicha hospitaala keessaa kutaa reeffaa keessaa hojjeta ture. Guyyaa tokko utuu reeffa sisirreessuu waan ajaa'ibsiisaa tokko arge. Reeffota achi turan keessaa inni tokko qaamni hormaataa isaa akka malee guddaa ture. Innis ajaa'ibsiifatee fuudhee galee haadha manaa isaa ajaa'ibsiisuuf jecha irraa kutee boorsaa keessa kaa'e.

Galee akka ajaa'ibaatti haadha manaa isaatti argisiise. Haati manaa isaa akkuma argiteen, "Wayyoo! Yohaannis ni du'ee?" jette.

* * *

Wallaahii, Ani Kiristaana!

Waggoota hedduu dura Yohaannis arfaffaan yeroo biyya bulchaa ture ajaja tokko baase. "Bulchiinsa koo keessa Ortodooksii malee amantaa biraan akka jiraatu hin barbaadu. Kanaafuu, namni amantaa biraa hordofu haa ajjeefamu!" jedhee labse.

Labsii kana labsee guyyoota murtaa'an booda namichi tokko haguuggii Islaamaa mataatti kaa'atee fuulleetti argame. Achumaan qabanii gara isaatti akka fidaniif loltoota isaa itti erge. "Namana maaliif na hin dhageenye? Ortodooksii malee amantaa biraa hordofuun hin danda'amu jedhee hin labsinee ani?" jedhee gaafate.

Namichi baay'ee sodaate. Naasuu guddaadhaan, "Isinan dhaga'a! Wallaahii, ani Kiristaana!" jedheen jedhama.

* * *

Kaannisa Hin Filanne!

Guyyaan isaa guyyaa filannoo biyyoolessaa ture. Dargaggoonni sadii kaannisa filachuuf waliif galanii gara buufata filannoo deemu. Filatanii booda utuu gara manaatti deebi'aa jiranii hiriyyoota sadan keessaa inni tokko dogoggora uumee akka dhufe yaadate. "Dhiifama hiriyyoota koo, waan waliif galle sana ani hin raawwanne. Dogoggoreera! Kannisa utuu hin taane waan biroon filadhe!" yoo jedhu jarri lachuu itti aaran.

Deebi'ee gara buufata filannoo deemuun dogoggora isaa akka sirreessu gorsan. Innis tole jedhee deeme. "Dhiifama naaf godhaa, dodoggoran uumen qaba. Kaanisa filachuun utuu narra jiruun waan biroo filadhe. Maaloo carraa tokko naaf kennaa irra deebi'een filadhaa. Dogoggora koon sirreeffadhaa!" jedhee aanga'oota gaafate.

Isaan immoo, "Dogoggoruun sirra hin turre! Akkamitti waan guddaa akkanaa dogoggorta? Waan hundaafuu isa

har'aa nutiyyuu sirreessineerra. Lammaffaa dogoggora kana fakkaatu akka hin uumne of eeggadhu!" jedhan.

* * *

Kaannisni Ishee Kam?

Guyyaa filannoo biyyoolessaa sana jaartiin umuriin isaanii deemuu irraa kan ka'e iji isaanii qulqullessee arguu dadhabe tokkos filachuuf manaa ba'an. Buufata filannoo ga'anii hiriira qabatanii eeggachuu eegalan. Dabareen isaanii ga'ee gara kutaa filannoo yoo seenan iji isaanii waan hin agarreef namni isaan gargaaru isaaniif ramadame.

"Ilma koo, kaannisni ishee kam? Mee kaannisattii irra quba koo kaa'i!" jennaan gurbaan quba jaartii kaannisa irra kaa'eef.

Qubaan jabeessanii gad qabaa akkana jedhan—jaartiin, "Akka isheen hin barrisnetti gad qabeeraa, hangasittuu isa kaanitti mallattoo naaf godhi ilma koo!"

* * *

Ani Lubbuun Jiraadhee...

Mootii beekamaa biyya tokkootu du'e—guyyaa tokko. Achumaan guutummaa biyyattii keessatti gadda biyyoolessaatu labsame. Namoonni gooxii gooxiidhaan ba'anii boo'uu eegalan.

Namni hundinuu waanuma itti fakkaate jedhee boo'e. Boo'ichi hoogganaa gooxii tokkoo garuu qalbii nama hawwata ture. Dura taa'aan gooxii sun hamma isaatti innis aangoo qabaa akkana jedhee boo'ee nama boossise:

Gaarummaa Waaqayyoo Seexanni hammeenya isaa

Ani lubbuun jiraadhee mootichi du'uu isaa!

* * *

Inni Silaa Hin Jiruu?

Namicha tokkotu du'ee jennaan ergamaan tokko gara Waaqaatti isa geesse jedhan. Waaqnis anaa dhufu erga jedhee booda, "Namni erga du'ee booda iddoo lama keessaa bakka tokko jiraachuuf carraa qaba.

Tokko si'olidha, inni kaan Mootummaa Koo! Amma ergamaan kun iddoowwan kana lachuu si haa daw'achiisuu waliin deemi" jedhe.

Ergamichi namicha gara si'olitti geesse. Naanna'anii ilaalan. Artistoota bebbeekamoo warra inni kanaan dura lafa irratti ajaa'ibsiifachaa ture hedduutu achi keessa jiru. Sagalee isaanii mimmiidhagaa sanaan sirbu, meeshaaleen muuziqaa guutuudha. Hundinuu ni sirba. Iddoon kun baay'ee namichatti tole.

Itti fufee Mootummaa Waaqaa akka inni daw'atuuf ergamichi gara sanatti isa geesse. Sirbi hin jiru. Namoonni inni lafa irratti beeku hedduun achi hin jiran. Jireenyi isaa baay'ee mijataa ta'us bashannanni garuu hin turre. Hundinuu Sagalee isaa ol kaasee Waaqaa faarfata malee, namoonni sagalee miidhagaa qaban muraasi achi ba'anii weellisani nama hin bohaarsan."

Lachuu keessaa kan barbaade akka filatu itti himamnaa, filannoon isaa si'ol akka ta'e beeksise. Bashannana barbaade. Tole jedhee ergamichi geessee jaratti kennee biraa deebi'e.

Yeroo lammaffaan yommuu achi deemu haalli hunduu jijjiiramee arge. Bashannanni silaa, muuziqaan silaa, kolfii fi gammachuun silaa amma hin jiran. Hundumtuu ibidda boba'u keessaa iyya. Wanti jiru hundi akka malee nama sodaachisa ture.

Suuta jedhee seexana tokko ofitti waamee gaaffii gaafate, "Inni silaa hin jiruu? Bashannanni silaa eessa deeme? Haalli amma jiru kan duraa waliin wal hin fakkaatu. Maal rakkinni isaa?" jedhe.

Seexanni sunis deebiseefii, "Isa silaa jettee? Inni hin jiru. Isa duula na filadhaaf itti fayyadamne. Erga nu filattee carraan kee bara baraan gubachuu qofadha!" jedheen jedhama.

* * *

Gabreeli, Nama Kee Adda Baafadhu!

Rabbi nama uume jedhan—dur. Maarree guyyaa tokko namoota uume kana ergamaa Gabreeliitti kennatee karaa deeme. Yommuu achii deebi'u namoota haaraa uumamanii jiran namoota isaa keessatti arge.

Isa booda, "Gabreelii namoonni kun eessaa dhufan? Eenyutu uume?" jedhee gaafate. Gabreeliin deebiseefii, "Hamma ati dhuftutti maaliifan hojii malee taa'a jedheen ofuma koo uumuu yaale! Kanuma kooti!" jedheen.

Rabbi Gabreeliitti aaree, "Amma ariifadhuu nama kee nama koo irraa adda baafadhu!" jedhe. "Tole!" jedhe Gabreeliin. Achumaan billaa diimessee qara isaatiin adda namoota isaatti mallattoo godhate. Sarara lama lama!

* * *

Amma Deemuu Dandeessa!

Nama tokkotu gabaa keessa darbaa jira. Dubartoota taa'anii daldalan keessaa isheen tokko paantii diimaa uffattee turte. Namichi utuu deemaa jiruu paantii dubartittii argee dhaabate. Dhaabatee ilaaluu eegale. Dubartittiin maaliif akka inni dhaabate wallaaltee bitaa itti gale. "Maal taate? Maaliif hin deemtu?" jettee gaafatte.

Namichis, "Tiraafikiitu ibsaa diimaa natti ibsaa jira! Kanaafan dhaabadhe!" jedhe. Yeroo kana ibsaan tiraafikaa paantii ishee akka ta'e yaadatte. Achumaan raafuu fuutee

ofitti qabdee, "Kunoo, amma magarisi ifeera! Amma deemuu dandeessa!" jennaan darbee deeme jedhama.

* * *

Anaanoo Hin Dubbatiin Jettanii...

Mucaan Maalhimuu jedhan ganda tokko keessa jiraata ture. Hawaasa naannoo isaa keessatti gurbaan kun waan tokkoon beekama: waan dhaga'e dabarsee haasa'uu. Iccitiiti eeguu wanti jedhamu isa bira hin jiru. Umuriin isaa ga'ee fuudhuuf yoo jedhu naannoodhaa namni intala isaa itti heerumsiisu dhibe.

Falli dhibnaan ganda biroo bakka seenaan isaa itti hin beekamne keessaa mucaa intalaa tokko haasa'aniif. Maatiin intalaa amala Maalhimuu waan hin beekneef tole jedhan.

Dhi'ee bari'ee guyyaan fuudha isaa ga'e. Maanguddoonni biyyaa walitti qabamanii maal gochuu akka qaban mari'atan. Waa dubbatee mana soddaatti akka isaan hin qaanessine sodaachuudhaan jaarsolii shan—kan haalaan isa to'atan—ramadaniifii gara mana warra intalaa deeman.

Yeroo barbaachisutti namoota nagaa gaafachuun ala waan tokkollee akka hin dubbanne dhorkameera. Utuu taa'anii jiranii waa dubbachuuf isaa qophaa'u arganii jaarsi tokko dhorkan. Ni dhiise. Xiqqoo turee yeroo lammaffaaf dubbachuuf yaalii inni taasises jaarsa kan biroo tokkoon jalaa fashalate.

Yeroo sadaffaa garuu callisuu hin dandeenye. Iji keessummaa tisiisa foolattu arga jedhee Oromoon akkuma mammaaku, karaa qaawwaa amaatiin isaa buna qalaa ittiin jarri eebbifaman utuu hojjettuu arge. Utuu hojjechaa jiranii maaltu akka hir'ate hubachuuf xiqqoo irraa dhamdhaman. Kanaan dura yeroo lama yeroo isaan dhamdhaman akka hin dubbanne dhorkamee kan ture Maalhimuun, yeroo jaartiin si'a sadaffaa gara afaaniitti geeffatan ol ka'ee dhaabatee miira aariin dubbachuu eegale, "Jaartiin buna qalaa fixxe! Anaanoo hin dubbatiin jettanii ficcisiisaakaa!" jedhe jedhama.

* * *

Akkoon Koo Hin Du'iin Haftii?

Hiriyyoota baay'ee wal jaallatan lamatu turan. Gaaf tokko akkoon isa tokkoo jalaa du'an. Akkuma aadaatti firri walitti yaa'ee boo'ee awwaale. Wanti nama gaddisiisu garuu hiriyyaan isaa boo'icha hin dhufiin hafe. Yeroo namoonni awwaalanii deebi'anii mulluu nyaatan dhufee balbala irra dhaabate. Mulluu eeggachuu isaa ture.

Hiriyyaan isaa sun baay'ee waan itti aareef akka inni mulluu hin nyaanne balbala mana isaanii irraa ari'e. Gurbaanis haaloo garaa kaa'atee, "Na ariitee? Tur! Kan koos akkoon koo hin du'iin haftii?" jedhe.

* * *

Yaa Abbaa...

Lubni ganamaan ka'anii ijoollee isaaniitti waa himan. "Ijoollee koo, egaa guyyaan har'aa soomadha. Hanga sa'a 9:30 tti midhaan waan jedhamu hin nyaannu.

Obsaa. Obsaatii gara hojii deemaa!" jedhanii ijoollee gara hojiitti geggeessuudhaan qofaa isaanii manatti hafan.

Sa'atii 4:30 tti lukkuun tokko dhuftee ija Abbaa fuul duratti hanqaaquu hanqaaqxe. Abbaan qorumsa keessa seenan. "Hanqaaquu kana maal godhu?" jedhan. "Waadee nyaadhuu? Hin nyaadhu. Lakkii nan nyaadhu. Hin nyaadhu" jedhanii wallaansoo guddaa keessa seenan.

Beela'anii waan turaniif qoramanii hanqaaquu sana fuudhanii ibidda keessa kaa'atan. Ni bilchaateef. Fudhatanii isaanumaa nyaachuuf afaan biraan ga'an ijoolleen isaanii warri hojii deeman dhufan.

"Abbaa" jedhan ijoolleen, "Maal taatan? Maaltu isin tuqe? Nuun hamma sa'a 9:30 tti hin nyaatinaa nuun jettanii ofii keessan hanqaaquu nyaattuu? Kun sirriidhaa?" jedhan.

"Ijoollee koo!" jedhan lubichi, "Maaloo dhiifama naaf godhaa! Ana miti. Ani waayyuu hin balleessine. Seexanatu na dogoggorsee!"

Seexanni akka tasaa foon uffatee jara gidduutti argame. Gaddeera. Fuulli isaa gurraacha'eera. Dubbatachuu eegale, "Abbaa! Ani cubbuu nama meeqaa baadhu? Kan waa

balleesse hundinuu maqaa na balleessa. Ani akkam ta'u? Maaliifan isin hin gaddisiisu! Dhugaa haa dubbannu yoo jenne, isa sooma addaan kutanii hanqaaquu nyaatan aniyyuu har'an isin irraa bare! Kanaan dura hin beeku!" jedhe jedhama.

* * *

Ijoolleen Koo Eessa Jiru?

Mootummaan biyya tokkoo labsii baase—yeroo tokko. Maatii ijoollee shan qabuuf manaa fi wantota barbaachisoo biroo akka kennu.

Namichi tokko labsii kana dhaga'ee carraa kanatti gammade. Manaa ijoollee sadii qofa qabaatullee alaa garuu dhoksaadhaan kan dhalche ijoollee lama qaba. Akkuma isaatti haadha manaa isaa amansiisee ijoollee alaa qabu sana fidachuu deeme.

Galgala ijoollee isaa lachuu qabatee dhufe. Ijoollee isaa manaa keessaa garuu lama hin jiran, mucaa tokko qofatu harmee isaa waliin ture. Haalli kun gaaffii itti ta'ee,

"Ijoolleen koo isaan kaan eessa jiru?" jedhee haadha manaa isaa gaafate.

Deebii isheen isaaf kennite quubsaa ture, "Akkuma ati ijoollee kee fidatte, isaanis abbaa isaaniitu fudhate!" Tokkoo fi tokko jechuun kan akkanaa mitiiree?

* * *

Xoophiyaan maal nu goote?

Guyyoota keessaa gaaf tokko mootiin biyya Ertiraa—obbo Isaayyaas Afeworqi—uummata isaanii wal ga'ii waaman. Uummannis yeroo kabajee argame. Haasaa gurri namaa amanuun itti ulfaatu—waan hin eegamne—taasisuu eegalan.

"Guyyaan har'aa guyyaa seena qabeessa! Guyyaa itti uummanni Ertiraa mirgi namoomaa isaa kabajameefii demokiraasiin jiraatu! Kana booda cunqursaa fi dhiibbaa wanti jedhamu hin jiraatu. Guyyaa har'aa eegalee Ertiraan ishee durii miti, jijjiiramteetti. Biyya lammiileen ishee sodaa fi yaaddoo tokko malee jiraatan taati. Waan barbaaddan dubbachuu dandeessu!" jedhan.

Uummatichi waan dhaga'e amanuu dadhabe. Abjuu abjuu itti fakkaate. Achumaan inni tokko harka isaa ol kaase--dubbachuuf. Waan barbaaddan dubbachuu dandeessu isa jedhametti fayyadamuuf.

Haa dubbatuuf carraan kennameef, "Biyyi keenya biyya dimokiraasii ta'uun ishee baay'ee na gammachiiseera! Akka nama dimokiraasii gonfate tokkootti gaaffii tokko gaafachuun barbaada. Xoophiyaan maal nu goote? Maaliif yeroo hundumaa hammeenya ishee yaadna. Nuti itti balleesse malee isheen homaa hin balleessine. Dhiifama gaafannee itti araaramuu qabna!" jedhe.

Akkuma inni dubbatee afaan irraa xumureen namni lammaffaan dubbachuuf harka kaase. Isaafis carraan ni kennameef. "Dhugaadhaam! Biyyi Xoophiyaa waa nutti hin balleessine. Daangaa ishee keessa seenee waraana kan itti bane nudha. Har'as yoo ta'e biraa hafuu kan dide nudha..." jedhee dubbachaa utuu jiruu gidduutti waan nama suukaneessu tokko dhaga'e. Galagalee yeroo ilaalu namicha dura yaada kenne sana poolisiin rukkutaa jira. Rukkutaa sodaachisaadha.

Battalumatti inni kun yaada isaa jijjiiree, "Sirriidha. Namichi kun rakkutamuu qaba. Xoophiyaan diina keenyadha. Akkamitti diina keenyaan fira jedha. Nuti waa hin balleessine. Kan balleesse Xoophiyaadha!" jedhee itti iyye. Haalaan jijjiiramuu jechuun kana mitiiree?

* * *

Maaloo Na Bulchaa!

(Mudannoo dhugaa)

Waggoota dura namoonni karaa fagoo deemanii barumsa baratu turan. Guyyoota lamaa fi isaa ol miila isaaniin deemanii baratu. Barataan tokko bakka itti barataa ture irraa ka'ee gara maatii isaatti deemaa utuu jiruu aduun itti dhiite. Isa booda mana tokko argee itti goree, "Maaloo na bulchaa!" jedhee kadhate. Jarris, "Manni kan Waaqaatii buli!" jedhanii heyyamuuf.

Mana citaa guddaa ture manichi. Nyaachisanii, obaasanii, miila isaa akka dhiqatu haala mijjeessaniifii raffisan. Siree inni rafe keessummaaf kan qophaa'e yoo ta'u faallaa kan abbaa manaa fi haadha manaa irratti argama ture.

Halkan walakkaa fincaan akka malee isa dhiphisuudhaan hirriba irraa isa dammaqse. Yoo dammaqu karaa balbalaa wallaale. Jara waamee gaafachuuf ni sodaate.

Alaa jiini ba'ee waan jiruuf ni ifa ture. Xiyyeeffatee yeroo ilaalu qaawwa manaa xiqqoo tokko fuulleetti arge. Balbala akka ta'e garuu hin beeku. "Gara baasetti na haa baasu!" jedhee gara qaamma manaa fuulleadhaa mul'attu sanaatti deemsa eegale.

Xiqqoo yoo deemu meeshaa nyaanni itti hojjetamu dhiitee sagaleen guddaan dhaga'ame. Gara diinqaa seene jechuudha. Abbaan manaa na'ee hirribaa ka'e. Jabboonni golatti hidhamanii waan turaniif waan isaan meeshaatti bu'an itti fakkaatee, jabbileetti dheekkamee deebi'ee rafe.

Yeroo kana keessummichi akka malee na'e. Naasuu guddaa irraa kan ka'e of irra gad taa'e. Yeroo murtaa'eef bakkuma of irra taa'e sana turee booda naasuu sana irraa kan ka'e fincaan isa dhiise. Abbaan manaa akka rafe erga mirkaneeffatee booda suuta jedhee gada siree isaatti deebi'ee rafuuf jedhee of eeggannoo guddaadhaan deemsa eegale. Akka meeshaatti hin buune harka isaa of dura qabee sagalee utuu hin dhageessisiin deeme.

Gad jedhee deemaa waan tureef miila siree yeroo qabatu baay'ee gammade. Shakkii tokko malee siree irratti yoo lafaan of dhawu ammallee waan daran suukaneessaatu isa mudate. Edaa sireen kan isaa utuu hin taane, kan abbaa manaa fi haadha manaati. Abbaan manaa naasuu guddaadhaan morma keessummaa hudhee qabate. "Maal barbaacha dhufte namittii nana? Ani keessummaa sirriin si se'e, edaa hadha manaa narraa fudhachuuf dhuftee?" jedhee yeroo itti iyyu, keessummichi waan isa mudate jalqabaa kaasee hunda isaa itti hime.

Isa booda dogoggora guddaa akka inni uume itti himee, dhiifama godheefii mana baneef. Gad ba'ee fincaa'uuf yoo yaalu fincaan hin jiru. Naasuu irraa kan ka'e duruu isa keessaa bade!

* * *

Maal Ta'aree?

Dargaggeessi fuudha ga'e tokko maatii isaa waliin jiraata. Abbaan isaa akka inni hiriyyaa durbaa barbaaddatu dhiibbaa irratti taasisa ture. Ilmi isaa fuudhee arguu waan

barbaaduuf. Gurbaan garuu hiriyyaa durbaa argachuu hin dandeenye. Kanarraa kan ka'e yeroo yerootti abbaa isaa waliin walitti bu'u turan. Gurbichi uumamumaan akka gowwaa isaati.

Guyyaa tokko fuudhuuf qophaa'aa akka ta'ee fi nama akka argate abbaa isaatti hime. Abbaan isaas akka malee gammade.

"Eenyuun argatte?" jedhee gaafannaan, "Akkoo koo— jechuun harmee keen fuudha!" jedhee deebiseef.

Abbaan mucichaa baay'ee itti aaruudhaan, "Maal harmee koo fuutaa?" jedhee gaafate.

Mucichi maal jedhee yoo deebiseef wayya? "Maal ta'aree? Atiyyuu harmee koo fuutehoo!"

* * *

Hin Dhuftuuree?

Naachaa fi Jaldeessatu jedhan—bara durii. Walitti firrooman. Baay'ee walitti dhi'aachuu irraa kan ka'e guyyaa tokko bishaan irra akka isa bashannansiisu afeere—Naachi.

Jaldeessi utuma sodaatuu yaadichatti waliif gale. Isa booda Naachi Jaldeessa baatee bishaan irra deemuutti ka'e. Dhuma irratti akka inni isa nyaachuuf jedhu hubate—Jaldeessichi.

Isa booda gaaffii tokko dhi'eesseef, "Waan guddaa tokkon muka koo irratti irraanfadhee dhufe. Baay'een gadda. Kenna guddaa siif qopheesseen achuma buutee isaa irraanfadhe! Al tokko deemee siif fidee dhufuu?"

Naachis kennaan guddaan sun maal akka ta'e garaa isaa nyaannaan akka inni deemee fiduuf deebisee qarqara bishaanichaatti baase. Jaldeessi dhugaa hin seene—fiixee muka isaatti ol ba'ee taa'ee kolftuu eegale.

Akka inni bu'uuf eegee dadhabee Naachi, "Kennaa jette sana naaf fiddee hin dhuftuuree? Maalimmoo kolfita?" jedhee gaafate.

Jaldeessi deebiseefii, "Waanani irraanfadhhe sana argadheera! Onnee koon irraanfadhhe ture! Amma onnee kootti deebi'eera!" jedheen jedhama.

* * *

Dhiifama Naaf Godhi!

Namichatu du'uuf jedha. Hafuura ishee dhumaan haadha manaa isaa waamee dhaamsa dhumaa akka qabu itti hime. "Hin dubbatiin! Homaa waan dhaammattu hin qabdu; callisii ciisi ni dadhabdaa!" jetteen.

Inni immoo, "Lakkii dirqama dubbachuun qaba. Lubbuun koo nagaan boqochuutu isheef ta'a. Obboleettii kee, hiriyyaa kee fi hojjettuu kee waliin sagaagaleera. Maaloo dhiifama naaf godhi!" jedhe.

Isheen immoo afaan isaa irraa fuutee, "Sirriidha, kana hunda nan beeka. Anis kanumaafan summii si nyaachise!" jette.

* * *

Dabaree naqadhaa!

Dargaggeessa tokkotti niitii fuudhe. Haala nama gaddisiisuun, haati manaa isaa kun baay'ee hirriba jaallatti turte. Ganama kaatee mana qulqulleessuu waan ishii jibbisiisuuf hamma lafti ho'utti ho'ifatee ciisti. Ni rafti turte.

Guyyaa tokko namichi maal gochuu akka qabu harmee isaa waliin mari'ate. Dhuguma akka hirribni ishee qabatee raftu baruu barbaadan.

"Bor ganama barii kaanee harataa qabannee mana qulqulleessuuf wal irratti qabna. Ani nan haran jedha, atimmoo lakkii anatu hara jettee narratti qabda! Isa booda maal akka isheen gootu ilaallaa!" jedhanii waliif galan.

Ganama ka'anii akkuma eda mari'atanitti harataa wal irratti qabanii wal falmuutti ka'an. Haati manaa namichaa siree

irraa mataa ishee ol qabatee, "Maaliif na jeeqxu. Rasaan jira mitii hin argitanii? Mana qulqulleessuuf yoo ta'e dabaree naqadhaa! Abbaan tokko har'a tokkommoo bor qulqulleessaa!" jette jedhama.

* * *

Utuu Galagalee...

Namoonni konkolaataatti guutanii jiru. Deemsa karaa dheeraa eegaluuf jedhu. Kana gidduutti namichi tokko gaazexaawwan hedduu qabatee konkolaataatti ol seenuun gurguruu eegale. Namoonni baay'een bitatanii dubbisuu eegalan.

Jara keessaa inni tokko hin baranne. Dubbisuu hin danda'u. Garuu akkuma isaan kaanii nama barate fakkaachuuf innis gaazexaa bitatee ilaaluutti ka'e. Garuu gad galagalchee ilaala ture. Akka carraa ta'ee gaazexicha irra fakkii konkolaataatu ture.

Namichi isa bira taa'u ajaa'ibsiifatee, "Maal namana atoo gad galagalchitee gaazexaa dubbistaa?" jedhee gaafate.

Namichi immoo akka hin baranne akka irratti baramu hin barbaadu. Deebii kenneef. "Waaqayyo nutti hin fidiin malee konkolaataan keenya amma utuu galagalee kana fakkaata mitii?" jedheen galagalchee ilaalaa jira!

* * *

Nan Kufe!

Lubni Kaatoolikii tokko ganda tokko keessa turan. Namoonni hedduun gara isaanii dhufanii, "Sagaagalummaattin kufee maaloo Waaqa naaf araarsaa!" jedhu turan. Dubbiin kun baay'ee waan itti baay'ateef, "Lammaffaa namni tokkollee nan sagaagale akka hin jenne. Nan kufe jedhaa!" jedhanii sirreessan.

Isa booda namoonni cubbuu akkanaa raawwatan dhufanii, "Nan kufee waaqa naaf araarsaa" jechuu itti fufan. Sun ta'ee torban muraasa booda lubni sun jijjiiramanii bakka biraa deemnaan lubni biraan bakka isaanii dhufan.

Lubni haaraan dhufan kun dubbii, "Nan kufe!" jedhu kana hin beekan. Namni isaanitti himes hin turre. Namoonni hedduun dhufanii, "Nan kufe! Nan kufe!" yoo jedhan

dalga itti gallaan kallattiidhaan gara waajjita kantiibaa magaalaa deeman.

"Kabajamaa kantiibaa! Daandiiwwan magaalaa kana keessa jiran suphisiisuun isin irra jira! Namoonni hundinuu gara koo dhufanii akka kufan natti himaa jiru!" jedhan.

Kufaatii jechuun maal jechuu akka ta'e akka isaaniif hin galiin hubatee kantiibichi baay'ee itti kolfe. Lubichi kolfa kantiibichaaf aaree, "Maal kolfituree? Haati manaa keessaniyyuu torban kana keessa qofa yeroo sadii dhuftee akka kufte natti himteettii!" jedhan.

* * *

Neet-woorkii Hin Dhiphisiin!

Namoota lamatu waliin waaqa kadhatu. Inni tokko dureessa beekamaadha; inni tokko immoo hiyyeessadha.

Inni sooressi, "Yaa Rabbi! Meeshaalee galoo galaanaatti na jalaa qabamanii jiran sana gad naaf lakkisiisi. Horii guddaa akka ani itti baase atuu beektaa! Sun gad

lakkisiifamuu baannaan kasaaraa qarshii miliyoonii hedduu keessa galuu kooti. Adaraa kee, naaf gadhiisisi!" jedhee kadhata.

Inni hiyyeessi immoo, "Yaa Rabbi! Maaloo waanan nyaadhu, waanan dhugu naaf kenni. Hamma har'aatti situ na gargaaree; si'chis na hin dadhabin. Ana rakkataa kee gargaari. Waan tokkollee akka ani hin qabne silaa ni beektaa!" jedhee kadhata.

Dureessichi callisee kadhannaa namichaa dhaggeeffate. Waam xiqqoo—nyaataa fi dhugaatii—kadhata. Achumaan qarshii 300 baasee itti hiixachaa, "Hoo! Kana fudhadhuu deemi! Waan xiqqoo kanaaf jettee neet-woorkii na jalaa hin dhiphisiin!" jedhe.

* * *

Amma Maaltu Sitti Dhaga'ama?

Guyyaa tokko namicha tokko jalaa harreen badde. Guyyaa guutuu harree barbaadaa oolee dhabee lafti itti dhiinaan gara hoteelaa deemee siree kireeffate. Sirichi baay'ee

bareedaa ture, inni garuu jooraa waan ooleef uffanni isaa xuraa'eera.

Uffata kanaan siree miidhagaa sanarra rafuu akka hin qabne murteessee siricha jala lixee rafuu eegale. Namichi siree kireessu ilaalee nama irraa dhabneen namooba birootti kireesse. Hiriyyoota jaalalaa lama turan.

Ciisanii haasa'uu eegalan. "Jaala koo! Akkanatti na haammatee yommuu ciistu mee maalumatu sitti dhaga'amaa?" jettee gaafatti. Inni immoo deebiseefii, "Addunyaan kun hundi bakka tokkotti natti mul'atti!" jedhe.

Yeroo kana abbaan harree siree jalaa sagalee isaa ol kaasee gaaffii gaafate, "Maaloo Gooftaa koo! Addunyaan guutuun sitti mul'atti taanaan harree daalacha tokko naaf ilaali. Na jalaa badee jennaanan guyyaa guutuu barbaacha jooraa oolee!" jedhe.

* * *

Dhagaa Fe'uuf...

(Mudannoo dhugaa)

Atoobusiin magaalaa namootaan guuttee deemaa jirti. Bakka dhaabatan hin jiru. Namichi guddaan tokko boorsaa baadhatee dhiibbatee seene. Utuu tikkeeta hin bitatiin callisee deemsa itti fufnaan keessummeessituun baay'ee itti aarte. Lachuun isaanii wal lolan, wal arrabsan.

Inni nama barate waan fakkaatuuf, barumsa dhabuu isheen ishee arrabse. "Raatu!" jedheen. Isheen immoo deebistee, "Dhagaa fe'uuf raatuun ga'aadha!" jetteen.

* * *

Natti Himeera!

Jaarsi ollaa keenyaa biyya Amerikaatii mucaa qaba. Oduun eda galgala miidiyaa irraa dhaga'ame jaarsa jeeqee jira. "Biyya Amerikaa, Ariizoonatti bubbeen hamaan ka'e namoota shantamii lama galaafate" jedha. Jaarsa oduu kana nama irraa dhaga'anii qulqulleeffachuuf ganama ka'anii gara ollaa deeman.

"Oduu sodaachisaan ani dhaga'u kun maali? Amaarikaaniitti maaltu dhufe? Nama meeqatu immoo du'e?" jedhanii gaafatan.

Achumaan namichi, "Bubbee jabaatu ka'e jedhan. Lubbuun namoota shantamii lamaa sababa kanaan akka darbe miidiyaan gabaasaa jira" jedhee deebiseef.

Jaarsi baay'ee na'an. "Ajaa'iba ilma koo! Nama shantamii lama jechuun baay'eedha. Nama Amaarikaanii shantamii lama jechuun biyya keenya keessatti namoota 936 jechuudha. Argitee! Mucaan koo inni Amaarikaanii jiru natti himeera. Fakkeenyaaf, maallaqni Amaarikaanii tokkoon isaa asitti kudha saddeet ta'a naan jedhe. Haala kanaan yeroo herregnu egaa namoota shantamii lamaan sana kudha saddeetiin baay'isnee dhugaa isaa bira geenya. Hin hafne! Namoota 936 tu dhume. Namaan hin ga'iin!" jedhan jaarsi.

* * *

Bungul Bungul!

Baadiyyaa keessatti guyyaa tokko konkolaataan namoota baay'ee fe'ee deemu tokko akka tasaa galagale. Namoonni hedduun baay'ee miidhaman. Namichi tokko obboleessa isaa konkolaaticha keessa ture lubbuudhaan argatee fudhatee gara mana yaalaa naannoo sanaa geesse. Yommuu achi ga'u ogeessi yaalaa achii hojjechaa ture faranjii ture. Afaan Oromoo dubbachuu hin danda'u, hin dhaga'us.

Namichi maal jedhee akka itti himu wallaale. Afaan Ingilizii jechoota muraasa akka beeku yaadatee faranjichatti himachuu yaale. Karaan irra deemaa turan caccabaa akka ta'e, konkolaatichi akka galagalee fi obboleessi isaa kun akka caccabe itti himuudha kaayyoon isaa. Akkana jedhe:

"The road is bungul bungul! The car is kumbul kumbul!
The man is unkush unkush!"

Kan barbaachise wal hubachuudha mitii?

* * *

Imbooh...

Nama lammii Indiyaa tokkotu biyya kana keessatti hojii tola ooltummaa hojjechuuf dhufe. Mooraa guddaa ijaaree keessatti dhukkubsatoota yaaluu jalqabe. Namichi kun horiin akka tasaa yoo mooraa isaa keessa seente ni ajjeesa malee fayyaatti hin ambisu.

Guyyoota keessaa gaaf tokko dubartii naannoo sana jiraattu tokko jalaa jabbiin ishee mooricha keessa seente. Sa'a tokko qofa kan qabdu dubartittiin baay'ee gaddite. Namichatti akka hin himanne Afaan Ingilizii hin beektu, namichi immoo Afaan Oromoo hin beeku.

Dubartittiin fala dhabde. Akka carraa dargaggeessa tokko argattee, akka inni Afaan Ingiliziidhaan namicha haasofsiisuuf kadhatte. Kutaa kudha lama akka xumuree fi Afaan Ingilizii hamma tokko akka beeku itti himee waliin ta'anii gara namicha Indiyaa sana deeman.

Yommuu achi ga'an, "Maal jedhee itti siif himu?" jedhee ishee gaafannaan, "Adaraa waaqaa adaraa lafaa, haati

ishee mar'achaa jirtiitii jabbii koo naaf gad dhiisi naaf jedhi" jetteen. Tole jedhee itti dubbachuu eegale. Dargaggeessi kun akkana jedhee hiikeef, "For this earth for this sky, the Jabbii's mother is Imbooh...!"

* * *

Lubbuu Haa Maaru!

Namichi tokko boo'icha deeme. Warri du'aa garuu yeroo dheeraa booda waan inni dhufeef itti mufatanii turan. Xiqqoo taa'ee, "Maali Aabboon maal ta'anii du'an?" jedhee gaafate. Namuu jalaa hin qabne. Ammas xiqqoo taa'ee yeroo lammaffaaf, "Maal ta'anii du'an? Wallaansa argataniiruu?" jedhe. Ammas namni hunduu jalaa callise.

Abdii hin kutanne. Ammas yeroo sadaffaaf gaaffii wal fakkaatu gaafate, "Maal ijoolle Aabboofaa maaltu ajjeese? Haalaan wallaanamanii turanii?" jedhe. Ammallee jalaa callisan.

Achumaan jaratti aaree ka'ee dhaabachuudhaan, "Isa du'es warra jirus walumatti qabee lubbuu haa maaru!" jedhee

ba'ee deeme. Warri jirus isa hin jirrerra hin jiran jechuu
isaa ture!

* * *

Anatu Si Ajjeesa!

Biyya tokko keessatti namichi tokko yakka cimaa
hojjennaan abbaan murtii du'a itti murteesse. Namichis
mana hidhaa taa'ee guyyaa du'a isaa eeggachuu jalqabe.
Ogeessi xiinsammuu tokko—piroofeesarri
Yuunivarsiitii—namicha murtiin du'aa itti murtaa'e sana
irratti qorannoo taasisuuf mootummaa gaafate.
Mootummaan is ni heyyameef.

Torban sadiif guyyaa guyyaatti gara namichaa deema
ture Piroofeeserichi. Yeroo isa argu hunda, "Murtiin du'aa
sitti murtaa'eera! Anatu si ajjeesa! Kanan si ajjeesu immoo
lilmee summii qabdu si waraaneen!" jedhee doorsisa ture.

Haaluma kanaan turee guyyaa dhumaatti gara namichaa
deeme. Lilmee tokko waraane. Namichis utuu hin turiin
du'e. Wanti ajaa'ibsiisaan garuu limmeen piroofeeserichaa
summii kan hin qabne ta'uu isaa ture. Bishaan qulqulluu

ture. Wanti inni waraannate bishaan ta'ullee, summiidha jedhee waan itti amaneef dhuguma du'e.

Baay'een keenya summii miti, bishaaniin duunee laata? Namni waanuma amane fudhata jechuun yoom soba ta'e?

* * *

Nagaatti Isiniin Jechuuf

Utuu karaa deemuu itti dhi'e—namichi tokko. Achumaan mana tokkotti goree akka isa bulchaniif kadhate.

Manni kan Waaqaati jedhanii akka buluuf isaaf heyyaman. Ol seenee yommuu ilaalu haati manaa akka malee bareeddi. Ajaa'ibsiifatee dhiisuu dadhabe. Nyaachisanii, obaasanii, bishaan miilee erga kennaniifii booda gara ciisichaatti isa geessan.

Deemee gad ciisullee hirribni ija isaatti dhufuu hin dandeenye. Jaalalli ijaa haadha manaa irraa isa qabeera. Halkan guutuu ciisee waa'ee ishee yaada ture.

Halkan walakkaa yaadni tokko dhufeef. Suuta jedhee gad ba'ee karra dallaa loonii banee loon midhaanitti naqee

deebi'ee ciise. Abbaan manaa sagalee loonii dhaga'ee gad ba'e. Yoo ba'u loon midhaan nyaataa jiru. Deebisee dallaatti galchee deebi'e. Hamma abbaan manaa gad ba'ee deebi'utti keessummaan gara ciisicha haadha manaatti ol seenee abbaa manaa fakkaachuun waan garaa isaa hojjetee ba'e. Garuu hin quufne!

Ammas xiqqoo ture—barii jala—dabalachuu barbaade. Kanaaf yeroo lammaffaa gad ba'ee karra dallaa banee loon midhaanitti naqee deebi'ee ciise. Yeroo kana namni loon deebisuuf namni tokko akka gad ba'e kottee isaa dhaga'e. Eenyu akka gad ba'e garuu hin beekne.

Akkuma amala isaa fiigee gola ciisicha jaraa seenee yoo sireetti ol ba'u abbaan manaa ciisee jira. Edaa abbaan manaa dadhabnaan haati manaa loon dachaasuuf gad baatee turte. Yoo keessummaan abbaa manaa wallaansoo qabuutti ka'u, abbaan manaa na'ee, "Maal taate? Maali namana? Maal barbaadde?" jedhee itti iyye. Yeroo kana keessummaan sagalee naasuu irraa kan ka'e hollatuun, "Homaa! Waanan barbaadu hin qabu. Deemuuf jedheen nagaan isinitti dhaamuu dhufe. Nagaatti isiniin jechuuf!" jedheen. Nama haa baraaru!

* * *

Diivii Hin Guutinaa!

Luba tokkotu turan. Lubbuu isaanii haa maaru, amma hin jiran—jechuun biyya keessa hin jiran. Amerikaa jiru.

Lubni kun yeroo biyya keessa jiran namoonni akka DiiVii hin guunne cimsanii lallabu turan. "Biyya ormaa deemanii gabrummaan jiraachuu mannaa rakkina biyya ofii keessatti bilisummaa wayya! Tokkoon keessan DiiVii waan jedhamu akka hin guunne of eeggadhaa! Bakka Waaqni itti nama uume jiraachuun uumaa ofiif abboomamuudha. Kanaaf ija keessan biyya namaa irraa kaasaa. Biyyi namaa kanuma namaati!" jechuun otuu walirraa hin kutiin lallabu.

Guyyaa tokko akka tasaa amantoonni Waldichaa waan ajaa'ibsiisaa dhaga'an. Lubni waggaa meeqa akka isaan Diivii hin guunne isaanitti lallabaa turan sun carraan Diivii akka isaan qaqqabe. Uummanni ni gadde. Ni aare. Ni finiine.

Wal gurmeessanii dhimmaaf akka isa barbaadan itti himan—lubichatti. Yaa'ii ta'anii dubbachuu eegalan. "Maal taatan Luba keenyaa? Waggaa meeqa nuuf lallabdan? Akka nuti Diivii hin guunne yeroo meeqa nutti himtan? Akkamitti Diivii guuttu? Biyya irraa nu dhorkitan deemuuf akkamitti akkana hojjettu?" jedhee uummanni komee qabu haasa'ate.

"Bayyaannadhaa!" jedhan lubni, "Duraan dursaatii maaliif akkan Diivii guute hubadhaa! Argitanii, yeroo baay'ee gad fageenyaan utuu hin hubatiin irra irra keessa ilaallee murtoof ariifanna. Sun immoo dogoggoraaf nu saaxila!" Ittuma fufanii dubbatan, "Ani gama koon maaliifas Diivii kute seetan? Biyyan irraa isin dhowwe ofii jiraachuu jaalladhee miti. Kun cubbuudha. Garuu warra kanaan dura dogoggoranii Diiviidhaan deemanitti deemee lallabuun naaf ta'a. Deebi'anii biyya isaanii keessatti hojjechuu qabu. Gabrummaa irra hiyyuma wayya! Kanaafan deemaa jira!" jedhan lubichi.

Filannoo waan hin qabneef uummanni cal jedhee dhiise. Of keessatti aaree, of keessatti gumgumee, of keessatti dheekkamee, ittuma dhiise...

* * *

Hoolaan Maal Jedhamti?

A: Hoolaan Afaan Ingiliziidhaan maali aboo?

B: 'Shiippi' (sheep)jedhamti! Garuu hoolonni akaakuu hedduutu jiru.

A: Mee akaakuu isaanii naaf himi.

B: Hoolaan namootatti dhi'aattu 'Fireendishiippi!' jedhamti! Kan maallaqaan nama gargaartu 'Ispoonsarshiippi' jedhamti. Kan sammuu barumsaa qabdu immoo 'Iskoolaarshiippi' jedhamti!

* * *

Rakkoon Jira!

Bara mootummaa ce'umsaa ture. Dargiin kufee Iyaadig reefuu aangoo qabata. Uummanni waan sodaateef dhokatee mana cufatee taa'e. Barbaacha guddaa booda uummanni muraasni walitti qabamee wal ga'ii taa'e.

Aanga'oonni Iyaadig namoota muraasa wal ga'ii dhufan sana haasofsiisuu eegalan. Dhuma irrattis gaaffii yoo qabaatan akka gaafatan carraa kennan.

Jaarsi tokko gaaffiif harka kaasnaan carraan kennameef. Namichi waltajjii geggeessu maqaan isaa Wayyaanee itti fakkaatee ture. Kanaaf harka kaasee, "Obbo Wayyaane! Waan ati amma dubbate kana ilaalchisee rakkoon jira! Rakkoon jira; rakkoon sun immoo akka hin furamneef rakkootu jira!" jedheen.

* * *

Balballi Banaadha!

Barsiisaan barattoota isaa barsiisuuf kutaa seenee jira. Barsiisuu eegale. Garuu ziippiin surree isaa banaa ture. Inni hin argu, barattoonni isaa garuu banaa ta'uu isaa ni argu turan.

Barattuun tokko harka kaastee, "Barsiisaa, waajjirri banaadha!" jettee dubbii qolaan itti dubbatte. Isaaf garuu hin galle. Ammas irra deebitee, "Barsiisaa, waajjirri banaadhan jedhe!" jette. Ammallee hubachuu hin

dandeenye. Yeroo sadaffaaf yommuu isheen dubbattu waan isaa wallaalee gad ba'ee yaaduutti ka'e. Akka ziippiin surree isaa banaa ta'e arge. Rifatee cufe!

Gara dareetti deebi'ee barattuu sanaaf gaaffii dhi'eesse, "Yeroo waajjirri banaa ture daarekteericha argitee turtee?" jedhe. Isheenis deebisteffii, "Lakkisaa daarekteerahoo hin agarre! Namicha gaddaan mataa gad qabatee taa'u tokkon arge!" jetteen.

* * *

Kana Irraa Maal Baranna?

Namoonni ganda tokko keessa jiran dhugaatiitti hammaatan. Machii irraa kan ka'es jiraattota gandichaa akka malee jeeqan. Kanaaf motummaan karoora baasee jara kana miidhaa alkoolii barsiisuu barbaade.

Jarri hundi kutaa tokko keessatti walitti qabaman. Hayyuun leenjii isaaniif kennus dhufee isaan leenjisuu eegale.

Barumsa isaa daran qabatamaa taasisuuf yaaliidhaan argisiisuu barbaade. Birciqqoowwan lama fidee fuul dura isaanii dhaabe. Birciqqoo isa tokkotti bishaan guute, isa kaanitti immoo alkoolii itti guute. Rammoo lama alaa fidee ture. Birciqqoo lachuu keessa raammoo tokko tokko buuse.

Raammoo inni bishaan keessa bu'e rakkoo tokko malee keessa munyuuquu eegale. Miidhaan tokkollee irra hin geenye. Raammoo inni alkoolii keessa bu'e immoo xiqqoo keessa socho'ee du'e.

Kara erga itti argisiisee booda ogeessichi gaaffii gaafate, "Obboloota koo, yaalii argitan kana irraa maal barattu? Mee kanarraa maal baranna?" jedhe.

Jara keessaa inni tokko deebii kennuuf harka baase. "Kanarraa waan guddaa tokko baranna. Argitanii raammoo inni bishaan keessa bu'e ammayyuu hin duune. Inni alkoolii keessa bu'e garuu battalumatti du'e. Kun nuuf barumsa guddaadha. Alkoolii dhuguun baay'ee barbaachisaadha jechuudha. Sababni isaas nama alkoolii dhugu raammoon garaa isaa keessa jiraachuu hin danda'u. Kanaafuu, fayyaa ta'a jechuudha! Warri alkoolii hin

dhugnu garuu...isaaniif wayyoo! Raammoon garaa isaanii keessatti wal horaa!" jedhee taa'e.

* * *

Si Haa Cabsu!

Namicha machaa'uu baay'isu tokkotu ture. Yeroo hundumaa yoo machaa'e waa'ee amantaa yaaduu baay'isa. Cubbuu isaatu baay'ee itti dhaga'ama.

Akkuma amala isaa guyyaa tokko machaa'ee utuu galaa jiruu mucaan tokko karaa irra dhaabatee poosteroota hedduu utuu gurguruu arge. Dhaabatee xiqqoo erga ilaalee booda suura Gooftaa keessatti arge.

Fuudhee ilaaluu eegale. "Amma ati maal balleessinaan balleessaa tokko malee si fannisan? Maalumaaf si fannisan? Maal yakkite qulqulluu koo?" jedhee dudubbate.

Isa booda gatiin isaa meeqa akka ta'e abbaa poosterichaa gaafate. Innis qarshii saddeettama akka ta'e itti hime. Yeroo kana ni aare, "Cabi! Si haa cabsu nama keessaa! Yihudaan fayyaa isaayyuu qarshii soddomatti gurguratee,

atimmoo suura isaa saddeettamaan gurgurtaa?" jedhee itti dhiisee deeme.

* * *

Isaafan Jedheem!

Abbaa manaa fi haadha manaa tokkotu turan. Biyya Israa'el magaalaa Yerusaalem keessa daw'ii irra turan—guyyaa tokko. Utuma daw'achaa jiranii akka tasaa haati manaa dhukkubsattee duute.

Namichis reeffa ishee biyyatti deebisuuf dhaabbata hojii akkanaa hojjetu qunname. Namichi inni gaafates, "Reeffa asii gara biyyaatti deebisuun horii guddaa si baasisa. Yoo xiqqaate doolaara kuma shantama baasuu qabda. Yoo asitti awwaalte garuu doolaara kuma tokko qofa si baasisa. Kanaaf asumatti haa awwaalamtu!" jedhee yaada kenneef.

Namichi garuu yaadicha hin fudhanne. Ni dide. Yeroo kana namichi inni gaafatame sun, "Maal taate? Maaliif asumatti hin awwaalsistu? Lafti kun lafa qulqullooftuudhaa!" jedhe. Abbaan manaa sunis, "Isaafan jedheem! Gooftaan waggoota 2000 dura asitti du'ee

guyyoota 3 booda du'aa ka'e. Namni asitti awwaalame deebi'ee ka'a taanaan akka isheen asitti awwaalamtu hin barbaadu!" jedhe. Akka isheen deebitee hin kaaneef...

* * *

Uffata Koo Eessa Kaa'u?

Dr: Qorannoon siif taasisaa uffata kee ofirraa baasi.

Dhukkubsattuu: Dr dhiifama! Bakka namni jirutti uffata baafachuun na sodaachisa.

Dr: Tole, kunoo ibsaan siif balleessaa baafadhu. (Ibsaa balleesse).

Dhukkubsattuu: Kunoo baafadheera. Uffata koo eessa kaa'u!

Dr: Teessuma irra, uffata koo irra kaa'i!

Innis uffata isaa baafatee...

* * *

Maal Wayya?

Hiriyyoonni dhiiraa lama waliin haasa'aa jiru. Haasaan isaanii gabaabaatti kan armaan gadii ture:

A: Yeroo hundumaa hiriyyaa durbaa koo waliin gad fageessee haasa'uun barbaada. Garuu hin dandeenye. Waan garaa koo haasa'uu yoon yaalu arrabni koo tole hin jedhu. Waan hin jirre haasa'a. Maal wayya?

B: Kan garaa kee dhiisii kan arraba kee itti haasa'ikaa!

* * *

Suuta Jedhikaa!

Abbaan manaa fi haati manaa lola cimaa wal loluu isaanii irraa kan ka'e siree isaanii adda baafatanii jiru. Torbanoota muraasaaf qofa qofaa rafan.

Galgala tokko garuu lachuun isaanii ni gaabban. Ganna waan tureef qorra dadhaban. Rakkoon isaa garuu eenyutu dura haa araaramu? Eenyutu dursee dhiifama haa gaafatu?

Abbaan manaa sagalee isaa ol kaasee, "Yaa Gabreelii qe'ee kanaa maaloo dubartoota qe'ee kanaaf qalbii kenni!" jedhee kadhate.

Haati manaa battaluma sana dhageesseen ariifattee siree isheerraa bu'uudhaan, "Maaloo yaa Gabreelii! Nan hin daddarbatiin! Maaloo suuta jedhikaa!" jechuu atattamaan gara abbaa manaa isheetti...

* * *

Jennata "Minaalbaataaf"...

Namicha Musliima tokkotu ture. Hojiin isaa qonnaan bulaadha. Guyyaa tokko utuu inni salaata (sagada) irra jiruu akka tasaa loon dhufanii midhaan isaa bilchaatee ture nyaachuu eegalan.

Xiqqoo obsee kadhannaa isaa itti fufe. Yeroo ilaalu loon midhaanicha akka malee nyaataa jiru. Achumaan kadhata isaa gidduutti addaan kutee, "Hay! Hay! Ya'aa midhaan koo keessaa! Jennata minaalbaataaf jedheen midhaan koo ficcisiisaa!" jedhe.

* * *

Yakka Kee Beektaa?

Bara mootummaa Hayile Sillaasee jedhan—namicha mana qorichaa qabu tokkodu ture. Mana qorichaa isaa keessatti manneen sarariitii waan argameef yakkamaa ta'ee fuula abbaa firdiitti dhi'aate. Hir'ina qulqullummaaf jechuudha.

Mana abbaa murtii keessatti hiriiree murtii isaa eeggachaa ture. Dabareen isaa yoo ga'u abbaan murtii isatti dubbachuu eegale:

Abbaa Murtii: Maaliif akka iddoo kana dhufte beektaa?

Yakkamaa: Kabajamaa abbaa murtii maaliif akkan dhufe hin beeku.

Abbaa Murtii: Mannee sarariitiitu mana qorichaa kee keessatti argame? Ofii mannee sarariitii beektaa?

Yakkamaa: Kabajamaa abbaa murtii manneen sarariitii maal akka ta'e hin beeku.

(Yeroo kana namichi isa booda dhaabatee dabaree eeggachaa ture gad jedhee teessuma abbaa murtii jalaa mannee sarariitii fuudhee, "Kunoo kanadha!" jedhe.)

Abbaa murtii: Eyyee, kunoo isa namichi sitti argisiisaa jirudha.

Yakkamaa: Kabajamaa abbaa murtii, maal kun namatti murteessisiisaaree?

Abbaa murtii: Eyyee! Manni qorichaa qulqulluu ta'uu qaba. Kun mana qorichaa kee keessa jira jechuun manichi qulqulluu miti jechuudha. Kanaaf ni adabamta.

Yakkamaa: Kabajamaa abbaa murtii, manneen sarariitii kun kan argame teessoo keessan jalaati. Yoos waan isinitti murteessisu irratti teessanii anatti murteessituuree?

Waan nutti murteessisu irra teenyee namatti murteessuun gaarummaa akka hin qabne irraa hin barannuu laata?

* * *

Gatii Waliif Galuu Wayya!

Nama lammii Guraagee tokkotu ture. Namichi kun horii baay'ee jaallata. Guyyaa tokko akka tasaa boolla mana fincaanii keessa bu'e.

Namni namicha baasu barbaadamee horii akka fudhate itti himamee namicha baasuuf dhufee dhaabate. Fo'aa ittiin namicha baasu boollichatti darbate. "Finyoo kana qabadhu!" ittiin jedhe. Achumaan namichi sagalee ol kaasee, "Tur tur! Utuu ati hojii kana hin jalqabiin wanti waliif gallu ni jira. Qarshii meeqaan na baasta? Jalqaba gatii waliif galuu wayyaa!" jedhe.

* * *

Callisi!

Namichi qarshii digdamii shan baasee laaqana nyaate. Laaqana isaa akkuma nyaateen taaksii qabatee deemuu jalqabe. Utuu deemaa jiruu ol deebise—nyaanni inni nyaate balaqqamaan keessaa ba'e.

Sun ta'ee utuu jiruu gargaaraan taaksii saantima akka kennu isa gaafate. Deddeebisee waan isa gaafateef itti aare. Dhuma irratti sagalee dheekkamsaan, "Callisi! Ati qarshii tokkoof iyyi asii qarshii digdamii shantu badee!" jedhe.

* * *

Afur!

Barsiisaan Ji'oogiraafii barattoota isaa barsiisaa jira. Utuu barsiisuu gaaffii tokko barattoota isaa gaafate. Gaaffichis, "Baay'inni urjootaa meeqadha?" kan jedhu ture. Barattuun durbaa tokko harka kaaste—deebisuuf. Barsiisichis carraa kenneef. "Baay'inni urjootaa afuridha!" jettee deebiste.

Barattoonni hundi ergan takkaa isheetti kolfan. Isa booda barataan kan biraan harka kaasee baay'inni urjootaa heddumina irraa kan ka'e lakkoofsa akka hin qabne dubbate.

Barsiisichi ishee jalqabaatti deebi'ee maaliif akka isheen afur jette gaafate. Yeroo kana barattuun sun, "Argitanii

barsiisa! Harmeen koo gar malee gara jabeettiidha. Baay'ee na hordofti. Al tokko lafti dhiinaan gad na hin baastu! Kanaafuu galgala galgala gad ba'ee urjii argee hin beeku. Ishee kana arfanuu karaa qaawwaan arge!" jette.

* * *

Marii Jara Lachuu...

Guyyaa tokko saayintistii beekamaa tokkoo fi komediyaanii (artistii) tokkotu taa'ee waliin haasa'a ture.

Artistii: Amma ati waan hundumaa beektaa? Jechuun, gaaffii ani si gaafadhu hundumaa naaf deebisuu dandeessaa?

Saayintistii: Waan hundumaa hin beeku, garuu gaaffii ati na gaafattu deebisuu hin dadhabu.

Artistii: Tole! Gaaffii ani si gaafadhu yoo dhabde doolaara dhibba tokko naaf kennita. Ani immoo gaaffii ati na gaafattu yoon dhabe doolaara shanin siif kenna. Sababni isaa, ati saayintistii animmoo artistiidha.

Saayintistii: Haa ta'u! Gaaffii kee itti fufi.

Artistii: Uumama miilla afur, harka afur, ija afur, gurra afur, funyaan afur...qabu natti himi.

Saayintistichi takka itti yaadee yaadee akka hin dandeenye bare. Doolaara dhibba tokko kenneef. Achumaan uumamni akkanaa maal akka ta'e akka inni itti himuuf artisticha gaafate. Artistichis akka hin beekne itti himee qarshii dhibba isa fudhate sana keessaa doolaara shan kenneef.

* * *

Filii Fudhadhu!

Intala tokkoo fi gurbaa tokkotu turan. Lachuun isaanii kaadhimummaan utuu jiranii mootummaan dirqisiisee gara adda waraanaatti gurbicha geesse.

Intalli yeroo xiqqoo eegdee nama biraa jaallatte. Achumaan suura duraan waliin ka'an hundumaa akka inni isheef deebisu dhaamsa itti dhaammatte.

Gurbichis, "Dhiifama naaf godhi! Fuulli kee naaf dhufuu dide. Ishee kam akka ati taate yaadachuu hin dandeenye. Suurawwan kanneen keessaa filadhuu duura kee fudhadhu!" jedhee duura durboota shanii ergeef jedhama.

* * *

Nan Danda'a!

Namicha lammii Indiyaa tokkotu jira. Heyyama barsiisummaa argatee Oromiyaa keessatti barsiisuuf dhufe. Akkuma dhufeen mana barumsaa tokkotti ergame.

Mana barumsaa itti ergame sana yeroo deemu bakki qullaan jiru tokko qofa ture. Innis barnoota Afaan Oromoodha.

"Maal wayya? Iddoon qullaan nuti qabnu Afaan Oromoo qofaa!" jennaan, "Rakkoon hin jiru! Galmee jechootaa naaf kennaa malee inuman barsiisa! Nan danda'a!" jedheen jedhama.

* * *

Ni Duute!

Namichatu laga buusee adurree miicuu jalqabe. Namni biraan itti dhufee, "Maal taate? Maaliif adurree miiccita? Akkanaa itti fufnaan ni ajjeefta!" jedhee bira darbe.

Yeroo xiqqoo booda yoo namichi deebi'ee dhufu adurreen duutee namichi miicu sun taa'ee gaddaa jira.

"Kunoo ani hin jenneeree? Akkuma ani jedhe adurree fayyaa miiccitee ajjeestee!" jedheen.

Yeroo kana namichi abbaan adurree sun, "Lakki aboo! Utuun miicuu miti utuun cuunfuu duute!" jedhe.

KUTAA LAMA

BEEKUMSA WALII GALAA

HAQAWWAN

**AJAA'IBSIISOO TOKKO
TOKKO**

Qaama Namaa Ilaalchisee

- Namni ga'eessi tokko atoomota 7,000,000,000,000,000,000,000,000, jechuun Octiliyoona 7 irraa tolfame.
- Funyaan namaa fooliiwwan 50,000 ol yaadachuu danda'a.
- Sa'atii tokko keessatti namni tokko qaama isaarraa paartikiloota 600,000 arcaasa.
- Daa'imni tokko yoo xiqqaate baay'inni lafee isaa/ishee kan nama guddaa 60 n caala.
- Namni giddu galeessi tokko umurii isaa guutuutti ancufa (gorora) kuwaartizii 25,000 qopheessuu danda'a, kun ammoo boolla bishaan itti daakan lama guutuu danda'a.
- Baay'inni ayiranii qaama nama tokkoo keessa jiru mismaara inchii 3 dheeratu tolchuuf ga'aa dha.
- Dafqi namaa ofii isaatii foolii hin qabu. Baakteriyaa gogaa namaa irra jirantu dafqa waliin wal makee foolii aja'aa uuma.
- Rifeensa hedduu qaama irraa qabaachuuf dandeettii yaaduu guddaa waliin wal qabata.

- Gurrii fi funyaan namaa guddachuu hin dhaaban.
- Lafeen namaa sibiila (*steel*) caalaa jabaataa dha.
- Namoonni ija cuqulisa qaban akka salphaatti alkooliidhaan hin machaa'an.
- Iji namaa halluuwwan miliyoona 10 ol addaan baasuu danda'a.
- Dammaqnee yommuu jirru (hirribaan alatti) yeroo keenya keessaa dhibbantaa 10 liphsachuudhaan (dunuunfannee) dabarsina.
- Iji namaa utuu kaameraa dijiitaalii ta'ee meeggaa pikselii 576 qabaata ture.
- Baakteeriyaan qaama namaarra jiru walumaa galatti paawundii 4 ulfaata.
- Dhukkubni kaanserii akaakuu 100 oltu jiru, kutaan qaama namaa kamiyyuu ittiin qabamuu danda'a.
- Mataan namaa qofaa isaatti oksijinii fi dhiiga qaama keessa jiru dhibbantaa 20 fayyadama.
- Seelonni mataa nama tokkoo odeeffannoo Insaakoloppiidiyaa Biriitaanikaan qabachuu danda'u dachaa shan qabachuu danda'a. Kun dhaamsa elektirikaalaa teeraabaayitii 3 hanga 1,000 ta'uu danda'a.

- Sammuun namaa halkan yeroo hirribaa isa guyyaa caalaa hojjeta. Yeroo namni rafu innimmoo ni dammaqa. Kun maaliif akka ta'e hamma ammaatti saayintistoonni bira hin geenye.
- Dandeettiin yaaduu namaa (I.Q) hammuma guddatu abjuun namatti baay'ata. Sana jechuun garuu namni abjuu isaa hin yaadanne dandeettiin yaaduu isaa xiqqaa dha jechuu miti, sababni isaa baay'een keenya abjuu keenya hin yaadannu. Yeroo baay'ee dheerinni abjuuwwan keenyaa sekondii 2 hanga 3 qofaa dha, kanammoo haalaan yaadachuun ni cima.
- Niwuroononni nama keessa jiran bara jireenya namaa guutuu itti fufanii guddatu. Niwuroonota adda addaa keessa odeeffannoon kan daddarbu saffisa adda addaatiin, kunis sekondii tokkotti meetira 0.5 hanga 120 ta'uu danda'a.
- Mataan namaa seelota dhukkuba addaan baasan waan hin qabneef ofii isaatii dhukkubni itti hin dhaga'amu.
- Mataan namaa dhibbantaan 80 bishaani dha.
- Rifeensi fuula namaa irra jiru rifeensa kamiyyuu caalaa ariitiidhaan guddata. Namni tokko umrii isaa guutuu

utuu rifeensa areeda isaa murachuudhaa baatee kophee
30 ol dheerachuu danda'a.

- Guyyaa guyyaatti namni giddu galeessi tokko rifeensa
60-100 tti dhaba.
- Rifeensi dubartootaa walakkaa diyaameetira rifeensa
dhiirotaati.
- Queensawwan quba namaa irra jiran keessa saffisa hunda
caaluun kan guddatu isa gidduu dha.
- Queensi quba harkaa kan miilaa irra dachaa 4 daddafee
guddata.
- Rifeensi namaa giddu galeessaan waggaa 3 hanga 7 tti
jiraata.

Keessa qaama namaa

- Asiidiin garaacha namaa keessa jiru, Haayidoroo-kilooric asiidiin, sibiila (razorblade) bulbuluu danda'a.
- Qaama namaa keessa hiddi dhiigaa jiru utuu diriirfamee wal qabatee maayilii 60,000 dheerata. Fageenyi marsaa lafaa maayilii 25,000 waan ta'eef, hiddi dhiiga namaa yeroo lamaa ol addunyaa kanatti marsuu danda'uun isaa ajaa'iba!
- Onneen dubartootaa kan dhiirotaa caalaa saffisaan rukkuta.
- Tiruun namaa hojiiwwan adda addaa 500 ol keessatti akka qooda dudhattu qorannoowwan mirkaneessaniiru.
- Sombi namaa inni gara bitaa isa mirga caalaa guddaa dha, sun kan ta'e onneen iddoo ga'aa akka argatuuf.
- Namni bu'aawwan dhagnaa warra keessaa dhabee jiraachuu danda'a. Garaachi guutummaan isaa, Hadhooftuun guutummaan isaa, tiruun dhibbantaan 75, mar'imaan dhibbantaa 80, kaleen tokkoo fi sombi tokko yoo nama keessa ba'e namni jiraachuu ni danda'a.
- Xannachi adireenaalii garaa namaa keessa jiru umrii guutuu boca isaa jijjiira.

- Eenyuyyuu ija isaa banatee axxiffachuu hin danda'u, utuu ni danda'a ta'ee iji isaa keessaa ba'a ture.
- Afuuffeen fincaanii namaa hamma kubbaa lallaafaa kan guddatu yoo ta'u, dhangala'aa cc 400 hanga 800 qabachuu danda'a. Nuti garuu fincaaniin muddamnee mana fincaaniitti kan fiignu yeroo afuuffeen keenya fincaan cc 250 hamma 300 qofaa qabattuu dha. Kun sababni isaa hammuma afuuffeen fincaanii dhangala'aadhaan guutamee guddachaa deemu buusaawwan qaamaa naannoo isaatti argaman dhiphachaa fi dhukkubsachaa dhufu. Iddootu itti dhiphata!
- Bobbaan namaa dhibbantaan 75 bishaani dha.
- Miillawwan keenya xannachoota dafqaa 500,000 ol qabu. Yeroo hundumaa xannachoonni dafqaa dhiirotaa kan dubartootaa caalaa dammaqoo dha.
- Guuriin gurraa fayyaa gurraaf baay'ee barbaachisaa dha. Inni kutaa gurraa isa gara keessaa wantota miidhaa fidan kanneen akka baakteeriyaa, fangasii, ilbisootaa fi xuraawaa adda addaa irraa eeguuf gargaara.

Bu'aalee qaama namaa

- Seeliin dhiiga diimaa giddu galeessaa guyyoota 120 jiraata.
- Nama giddu galeessa tokko keessa seelota dhiiga diimaa tiriiliyoona 2.5 tu jiru. Lakkoofsa kana eeguuf sekondii tokko qofa keessatti dhuka lafee keessattiseelota dhiiga diimaa haaraa miliyoona 2.5 tu oomishama.
- Qaama namaa keessatti walumaa galatti sekondii tokkotti seelota haaraa miliyoona 25 tu tolfamu.
- Dhaamsi nervoota namaa keessa deemu sa'atii tokkotti km 400 saffisaan deema.
- Yommuu axxiffannu saffisni qilleensa nu keessaa ba'uu sa'atii tokkotti km 166 kan saffisu yoo ta'u, yommuu qufaanu immoo sa'atiitti km 100 saffisa.
- Onneen keenya giddu galeessaan guyyaatti yeroo 100,000, waggaatti immoo yeroo miliyoona 30 rukkata.
- Dhiigni namaa guyyaatti deemsa maayilii 60,000 taasisa.
- Sombi keenya guyyaa tokkotti qilleensa liitira miliyoona 2 fudhata.

- Guutummaa ulfaatina keenyaa keessaa dhibbantaan 70 bishaani dha.
- Funyaan keenya haala qilleensaa akka nuuf ta'utti nuuf sirreessa: qilleensa ho'aa nuuf qabbaneessa, isa qabbana'aa immoo nuuf ho'isa, akkasumas xuraawaa qilleensa waliin seenu calalee hambisuun hamma danda'ametti qilleensa qulqulluu ol dabarsa.
- Lubbu qabeeyyiin xixqqoon (*microorganisms*) gogaa nama tokkoo irra jiran baay'ina namoota addunyaa kanarra jiranii ni caalu.
- Umrii isaa guutuu hamma namni liphsatu utuu walitti qabamee jaamummaa waggaa 1.2 ta'a! Dubartoonni dachaa lamaan dhiirota caalaa dafanii liphsatu.
- Qaama namaa keessa dhiiga liitira 5.6 tu jira, dhiigni hammi kun daqiiqaa tokkotti yeroo sadii qaama namaa keessa marsa.
- Bineensota keessaa barruu harka isaanii keessatti halluu (*pigment*) kan hin qabnu nama qofa.
- Bara jireenya isaatti namni tokko giddu galeessaan bishaan gaalonii 16,000 dhuga.
- Dandeettiin foolii fuudhuu namaa 1/20ffaa dandeettii sareeti.

- Ija tokko qofaan yeroo liphsannu maashaalee 200 tu socho'a.
- Umrii keenya keessaa waggoota shan utuu nyaannuu dabarsina! Yeroon nuti teenyee nyaata nyaanne yeroo walitti dabalamu waggoota 5 ta'a jechuu dha.
- Gogaan namaa yaalii nam-tolcheedhaan guddachuu danda'a. Gogaan harka nama tokkoo irraa fuudhamu, dirreewwan kubbaa miilaa 6 uffisuu hamma danda'utti guddachuu danda'a.
- Namni giddu galeessi tokko daqiiqaa 7 keessatti hirribni isa fudhata.
- Bineensota keessaa gammachuu irraa argachuuf jedhanii beellamaan saal-qunnamtii kan raawwatan namaa fi dolfiinii qofa dha.
- Namni tokko umrii isaa guutuutti nyaata paawundii 60,000 ulfaatu nyaata, kun ulfaatina Arboota 6 jechuu dha.
- Namni hojii humnaa ulfaata hojjetu tokko guyyaatti dafqa gaalonii 4 dafqa, hedduun isaa garuu utii inni akka dafqe hin beekin hurkee bada.
- Mataan namaa seelota biliyoona 100 ol qaba.

- Mataan namaa inni gama bitaa qaama namaa isa mirgaa to'ata, mataan gamni mirgaa immoo qaama gama bitaa to'ata.
- Maashaaleen ija namaa keessa jiran guyyaatti yeroo 100,000 ol socho'u.
- Namoonni hedduun daqiiqaa tokkotti naannoo yeroo 25 liphatsu.
- Yeroo dulloomaa deemnu mataan keenya waggaatti ulfaatina giraama 1 hir'isa.
- Ispaayinaal kooridiin dhiiroraa cm 45 yommuu dheeratu, kan dubartootaa immoo cm 43 dheerata.
- Maadhaawwan onnee keenyaa hojii kan dhaaban yoo duune qofa.
- Arrabni namaa dhamdhamawwan gosa 10,000 addaan baasuu danda'a.
- Daa'imni tokko yommuu dhalatu wanti hundumtuu galagalee itti mul'ata, sirreessee arguu danda'uun yeroo itti fudhata.
- Dandeettiin foolii fuudhuu ijoollee kan namoota gurguddaa caala.
- Yommuu liphsannu sekondii 0.3 f ija keenya cufna.

- Ariitii hammamii keessatti iyyuu dandeettii isaa dhibbantaa 100 guutuun hojjechuu kan danda’u buusaawwan qaama namaa keessaa ija duwwaa dha. Hammanuu yoo fiigne dandeettiin ilaaluu ijaa hin hir’atu.
- Copha dhiigaa tokko keessa seelota miliyoona 250 tu jiru.
- Qaamota garaa namaa keessa jiran keessaa hundarra kan guddatuu fi ulfaatu tiruu yoo ta’u, kiiloo 1.6 ulfaata.
- Namoota addunyaa kanarra jiraatan keessaa dhiironni % 10 fi dubartoonni % 8 harka bitaadhaan hojjetu.
- Seelota mataa namaa keessaa hojii kan hojjetan dhibbantaa 4 qofa yoo ta’an, isaan kaan yeroo itti aanuuf kaa’amu.
- Namoota biliyoona 2 keessaa nama tokko qofatu waggoota 114 ol lafa kanarra jiraata.
- Namni tokko giddu galeessaan guyyaatti jechoota 5,000 dubbata.
- Qaamota namaa keessaa guutummaan guutuutti muramee utuu ba’eellee deebisee kan bakka of buusu tiruu qofa dha.

- Onneen nama tokkoo guyyaatti dhiiga liitira 6,000 raabsa.
- Tishuulee qaama namaa keessaa hunda caalaa saffisaan kan guddatu rifeensa yommuu ta’u, kan itti aanu immoo dhuka lafeeti.
- Dheerinni rifeensa namaa inni guddaan cm 70 hanga 90 ta’a.
- Umriin rifeensa namaa waggaa 2 hanga 7 ta’uu danda’a.
- Mataan namaa guddina kan dhaabu umrii waggaa 18 tti dha.
- Daa’imman yeroo dhalatan qadaada jilbaa hin qaban, argachuuf waggoota 2 hanga 6 itti fudhata.
- Namni giddu galeessi tokko guyyaatti tarkaanfiiwwan deemsaa 8,000 hanga 10,000 taasisa. Sana jechuun bara jireenya isaa guutuutti ida’aman maayilii 115,000 deema jechuu dha—kun immoo addunyaa kana yeroo 5 marsuu danda’a.
- Qaamota namaa keessaa hunda caalaa guddaan gogaa dha.
- Gosoota dhiigaa keessaa hudarra kan baay’atu O dha, hunda caalaa kan xiqqaatu immoo A-H yoo ta’u

jiraachuun isaa erga abuuramee namoonni gosa dhiigaa kana qaban dhibbaa gadi dha.

- Daa'imman hundi yommuu dhalatan halluu addaan baasuu hin danda'an, gurraachaa fi adii qofa argu.
- Qaama namaa keessaa dhiiga kan hin arganne koorniyaa ijaa qofa yoo ta'u, oksijinii kan argatu kallattiidhaan qilleensa irraati.
- Namni kamiyyuu harka isaatiin of hudhee of ajjeesuu hin danda'u.
- Mataan namaa daqiiqaa tokkotti jechoota 1000 dubbisuu danda'a.
- Baay'inni rifeensa namaa kan Chiimpaanzii waliin wal qixa yoo ta'e, hedduun isaanii faayidaa waan hin qabneef ijaan hin mul'atan, xixiqqoo dha.
- Tokkoo tokkoo keenya keessa warqee miligiraama 0.2 tu jira, kana keessaa baay'een kan jiru dhiiga keenya keessa. Santima warqee gm 8 ulfaatu hojjechuuf dhiiga namoota 40,000 walitti qabuutu barbaachisa.
- Lakkuu wal-fakkaatan (*Identical Twins*) irraan kan hafe namni hundi foolii qaamaa adda ta'e qaba.
- Waa'ee naannoo keenyaa odeeffannoo nuti argannu keessaa dhibbantaa 90 karaa ija keenyaati.

- Giddu galeessaan, dhiironni guyyaayyi sanyii kormaa (*sperm cell*) miliyoona 10 qopheessu. Kun ammoo saba addunyaa guutuu irra jiru ji'oota 6 tti iddoo buusuu dandeessisa!
- Namni umriin isaa waggoota 70 ta'e tokko bishaan gaalonii 12,000 dhgeera.
- Nyaanni nama tokkoo afaan isaa keessaa ka'ee garaacha irra ga'uuf sekondii 7 itti fudhata.
- Mar'imaan qal'aa namaa meetira 6 dheerata.
- Namni iji isaa fayyaa ta'e tokko, ija isaa qullaadhaan bara ifaa miliyoona 2.4 (Maayilii 140,000,000,000,000,000 jechuudha!)
- Namni giddu galeessi tokko halkan tokkotti yoo xiqqaate abjuuwwan 7 abjoota.
- Qaama namaa keessaa lafeen hundarra xiqqaattu kan argamtu gurra keessatti dha.
- Yeroo dubbannu afaan keenya maashaalee 75 fayyadama.
- Nama haammachuun hormonii Oksitoosiinii (*Oxytocin*) jedhamu maddisiisa. Hormoniin kun madaa qaamaa fayyisuuf kan gargaaru ta'uun alatti, namni tokko daran akka nama amanu taasisa!

- Namni yeroo rafu miira fuunfachuu hin qabu. Rafee utuu jiruu eenyuyyuu fuunfatee foolii addaan baasuu hin danda’u.
- Funyaan kee arguu ni dandeessa, sammun garuu sana waan hin barbaanneef akkuma waan hin argineetti jiraata.
- Duumessi irra hin jiru yoo ta’e, iji nama nagaa samii irratti urjoota 2000 hanga 3000 tti arguu danda’a.
- Qaama namaa fi muuzii gidduu walitti dhufeenyi jiru ajaa’ibsiisaa dha! DNA n namaa dhibbanta 50 kan muuziidhaan wal-fakkaata.
- Namni ga’eessi tokko tilmaamaan seelota tiriiliyoona 100 qaba.
- Ulfaatina qaama namaa keessaa dhibbantaan 14 lafee dha.
- Dhiigni bishaan caalaa dachaa 6 qal’ata (ticker).
- Sa’atii tokkotti qaama namaa keessaa pirootinii giraama 100 tu madda.
- Addunyaa kanarraa guyyaa tokkotti namoota 259,000 tu du’a.
- Addunyaa irraa namoonni 20,000,000 si waliin guyyaa dhalootaa wal fakkaatu qabu.

- Iji namaa giraama 28 ulfaata.
- Seelota qaamaa keessaa inni dheeraan seelii narvii yoo ta’u, meetira 1.3 dheerata.
- Namni yeroo hamuummatu okisijiinii hedduun somba isaa waan seenuuf, sammuun isaa ni haara’a.
- Maashaalee qaama keenya keessa jiran keessaa raawwatee dadhabbiin kan itti hin dhaga’amne arraba dha.
- Namni yeroo du’u qaamoleen miiraa isaa tartiiba itti aanu kanaan hojii isaanii dhaabu: Gogaa _____Ija_____Gurra_____Funyaan_____Arraba.
- Namni tokko guddina hojjaa kan dhaabu umrii waggaa 24 tti dha.
- Somba keenya keessa hiddawwan dhiigaa xixiqqoo 300,000 tu jiru, yoo wal walitti qabsiifaman km 1400 dheeratu.
- Garaachi keenya dhangala’aa liitira 1.7 baachuu danda’a.
- Namni tokko guyyaatti yeroo 5-15 tti kolfa.
- Ho’a qaama keenyaa keessaa dhibbantaa 80 kan gab ba’u karaa mataa keenyaati.

- Iji namaa tokko yoo jaame, dandeettii arguu isaa dhibbantaa 20 qofa hir'ata.
- Dhaga'uuf dhiironni mataa isaanii gama bitaa qofa fayyadamu, dubartoonni immoo gama bitaas gama mirgaas lachuu isaa fayyadamu. Kun dubartootaaf dandeettii dhaggeeffannaa addaa kenna: al tokkotti maddoota adda addaa irraa dhaggeeffatanii hubachuu! Fakkeenyaaf, yeroo tokkotti odeeffannoo TV irraa dhaga'an, raadiyoo irraa dhaga'anii fi namoota irraa dhaga'an hubachuu danda'u. Dhiironni kana hin dandeenyu!
- Wagga tokko keessaa guyyoota 122 hirribaan dabarsina.
- Saalli mucaa gadameessa keessa jiruu adda ba'ee kan beekamu ulfaa'amee torbanoota 6 hanga 8 keessatti dha.
- Rifeensi keenya sagalee gurraan hin dhaga'amne ni dhageessisa.
- Ulfaatina ija keenyaa keessaa dhibbantaa 3 ashaboo dha.
- Bineensota hunda keessaa itti yaadee yeroo hirribaa isaa dheeressuu kan danda'u nama qofa dha.

- Namoonni fayya-qabeenyyiin hedduun hirriba sa'atii torbaa hanga sagalii barbaadu. Namoonni tokko tokko garuu sa'atii ja'a qofa yoo rafan isaan ga'a. Kaan immoo sa'atii 10 hin rafan yoo ta'e haalaan hojii isaanii hojjechuu hin danda'an.
- Daa'imman dhi'oo dhalatan sa'atii 10.5 hanga 18 rafu, hirribni isaanii garuu yeroo yerootti addaan cita.
- Namoonni hirriba ga'aa hin rafne dandeettiin nyaata nyaachuu isaanii kan warra hirribaa ga'aa rafanii caala, sababni isaa hormooniin isaanii kan *leptiin* jedhamu gad bu'a.
- Yeroo nu rafnu qaamni keenya ni boqota, sammun keenya garuu dammaqee hojii hojjeta.
- Namni nagaa qabu tokko daqiiqaa 10 hanga 15 gidduutti hirribni isa qabata. Namoonni daqiiqaa 5 gaditti rafan rakkina baay'ina hirribaa qabu jechuu dha.
- Sa'atii 17 guutuu hirriba malee turuun alkoolii dhiiga keessa jiru dhibbantaa 0.05 gad buusa.
- Ifni guyyaa yeroo hirribaa qindeessuu keessatti ga'ee guddaa waan taphatuuf, namoonni qaro-dhabeeyyiin yeroo hedduu rakkoo hirriba dhabuu ni qabaatu.

- Namoonni guyyaatti sa’atii 6.5 hanga 7.5 tti rafan umrii dheeraa jiraatu.
- Dheerinni hirriba bineensotaa adda adda dha. Fakkeenyaaf, Saattawaan guyyaatti hirriba sa’atii 1.9 qofa yoo barbaadu, Adurreen immoo sa’atii 12 ol rafuutu irra jira.
- Bineensonni akka Dolfiinii fi Daakiyyee mataa isaanii walakkaa fayyadamuudhaan hirriba walakkaa rafuu danda’u. Namni garuu kana hin danda’u.
- Guyyaa rafuun dandeettii yaadachuu namaa gabbisa.
- Kolfi nama irraa namatti ni daddarba. Namni sagalee kolfaa yeroo dhaga’u sababa isaa utuu hin beekin kolfa.
- Ajajamanii kolfuun hin danda’amu, kolfi waan itti yaadnee kolfinu miti.
- Bineensi kolfi nama qofa miti, Saree, Adurree fi Antuunnis ni kolfu.
- Hawaasa keessatti, dubartoonni dhiira caalaa kolfu. Akkasumas hamma dhiironni dubartootatti kolfan caalaa dubartootatu dhiirootatti kolfa.
- Kolfi marsaan dhiigaa qaama keessatti haala gaariin akka adeemsifamu ni gargaara.

- Kolfuun baay'ina sukkaara dhiiga keessa jiruu hir'isuudhaan fayyaa namaaf gumaacha guddaa taasisa.

Saal-qunnamtii fi hormaata ilaalchisee

- Guyyaa tokkotti addunyaa kana irratti qunnamtiin saalaa yeroo miliyoona 120 raawwatama. Namoota addunyaa irra jiraatan keessaa dhibbantaan 4 qunnamtii saalaa ni raawwatu. Kanaafuu, biyyoota addunyaa hedduu keessatti baay'inni daa'imman dhalatanii haalaan dabaluun isaa nama hin ajaa'ibsiisu.
- Seelota qaama namaa keessaa inni guddaan hanqaaquu dubartootaa (*egg cell*) yommuu ta'u, inni hunda irra xiqqaan immoo sanyii kormaa (*sperm cell*) dha.
- Ilkaan namaa dhalachuuf ji'oota ja'aan dura guddachuu eegala.
- Daa'imman yeroo dhalatan iji isaanii cuqulisa. Sababni kanaa jiraachuu keemikaala meelaaniin jedhamuu yoo ta'u, ifni altiraa vaayoleet jedhamu suuta suutaan halluu ijaa cuqulisa sana gara halluu ijaa isa sirriitti jijjiira.

- Daa'imman 2,000 dhalatan keessaa 1 yeroo dhalatan ilkaan qabu.
- Daa'imman gadameessa keessatti mallattoo qubaa (*finger print*) mataa isaanii kan qabaatan ji'oota sadiitti dha.
- Namni hundinuu walakkaa sa'atiif seel-qeenxee ta'ee dabarsa. Kunis yeroo itti jalqabaa hanqaaquun dubartii fi sanyiin kormaa walitti dabalan, yeroo itti sadarkaa Zaayigootii jedhamutti dha. Isa booda ariitii guddaadhaan seelittiin of baay'iftee seelota hedduu ta'uun guddatti
- Dhiironni hedduun halkan yeroo rafan sa'atii tokkoo fi tokkoo fi walakkaa gidduutti qaamni saalaa isaanii ka'ee dhaabata.

Miirawwan Ilaalchisee

- Nyaata baay'ee nyaannee booda, dandeettiin dhaga'uu keenyaa ni dadhaba.
- Ancufni arraba keenyarra jiru bulbuluudhaa yoo baate, dhamdhama waan tokkoo beekuu hin dandeenyu.
- Dandeettiin dhamdhama addaan baasuu dubartootaa kan dhiirotaa ni caala. Namoota guutummaa addunyaa keessaa dhibbantaan 2 guutummaan guutuutti miira dhamdhama addaan baasuu hin qaban.

Dullumaa fi du'a ilaalchisee

- Ulfaatinni nama du'ee qaamni isaa bososee paawundii 9 qofa ta'a, sabani isaa ulfaatinni namaa harki guddaan bishaan waan ta'eef.
- Umrii waggaa 60 tti namoonni hedduun seelota dhamdhama isaanii (kuskusee dhamdhammii) walakkaa isaa dhabu.
- Iji namaa dhalootaa hamma du'aatti guddinni isaa wal-qixa yoo ta'u, gurrii fi funyaan garuu umrii gutuu utuu addaan hin kutiin guddatu.

- Daa'imni yommuu dhalatu mataan isaa 1/4ffaa guutummaa dheerina isaa yoo ta'u, umrii waggaa 25 tti 1/8ffaa qofa ta'a.

Dhukkubaa fi Madaa

- Guyyoota torbanii keessaa guyyaa itti dhibeen onnee akka malee itti hammaatu Wiixata dha. Biyya Iskootilaanditti qorannoon waggoota 20f taasifame akka ibsetti, irra jireessaan namonni dhibbeentaa 20 guyyaa Wiixataa irra dhukkuba onneedhaan du'u.
- Namni baay'ina faatii qaama isaa fi sababoota biroo irratti hundaa'uudhaan nyaata utuu hin nyaatin ji'a tokko yokiin lama turuu danda'a, hirriba malee garuu guyyoota muraasa qofa tura. Hanga ammaatti yeroo dheeraaf hirriba malee turuun namni galmaa'ee jiru guyyoota 11 qofa yoo ta'u, guyyoota sana booda jechoota sirriitti fayyadamuu dadhabe, akkasumas waan hojjetaa ture ni irraanfate.
- Dhukkuba namoonni dhukkubsatan keessaa dhibbantaan 90 yaaddoo irraa dhufa yokiis yaaddoodhaan itti cima.

- Mataa namaa namaarraa erga citee booda sekondii 15 hanga 20 hojii isaa hojjechuu danda’a. Dhiigni mataa keessa jiru yeroo jedhame kanaaf jiraachisuu fi wantota akka yaadatu taasisuu danda’a.

Maashaalee fi Lafeewwan Ilaalchisee

- Namni yeroo kolfu maashaalee 17 tu hojii hojjeta, yeroo dallanu (faara badu) immoo maashaalee 43 fayyadama. Tarkaanfii tokko yeroo fudhatu immoo maashaalee 200 tu qooda fudhata.
- Daa’imni tokko gaafa dhalatu lafeewwan 300 qaba, yeroo ga’eessummaa garuu baay’inni lafeewwan kanaa gara 206 tti gad bu’a.
- Ganama ganama dheerinni keenya kan galgalaa irra seentimeetira 1 caala.
- Maashaalee keenya keessaa hunda caalaa kan jabaatu arraba dha. Yeroo nyaannu, yeroo waa alalfannu, yeroo odeessinu hundumaa arrabni hojii hojjeta, kun hammam akka inni jabaataa ta’e nu argisiisa.
- Qaama namaa keessaa deebisee kan bakka of hin buufne yokiis of hin ijaarre tokkichi ilkaani dha.

Sababni isaa kutaan ilkaanii inni gara alaatti argamu kan *enamel* jedhamu lubbuu hin qabu, kanaaf deebisee of ijaaruu hin danda’u. Kun kunuunsi ilkaaniif taasifamuu qabu hammam cimuu akka qabu nu argisiisa!

- Lafeewwan qaama keenya keessa jiran keessaa ruubiin kan argaman miilla keenya keessatti dha. Lafeewwan naannoo dhibba lamaa qabnu keessaa 52 miillan keenya keessatti argamu.

Uumama xixiqqoo (Microscopic) ta’an Ilaalchisee

- Gogaa keenya inchii 1 qofa irratti baakteeriyaa naannoo miliyoona 32 tu argamu.
- Gogaan namaa inni gara alaa guyyoota 27 keessatti haareffama.
- Qaama namaa keessaa daqiiqaa tokkotti seelota miliyoona 300 tu du’u. Baay’ina seelotaa nuti qabnuun yoo wal bira qabnu kun guddaa miti. Tilmaamaan namni giddu galeessi seelota tiriiliyoona 10-50 qaba waan ta’eef.

- Namni ga'eessi tokko guyyaatti seelota biliyoona 300 oomisha. Sababoota qaamni keenya annisaa barbaaduuf keessaa tokko hojii kanadha. Seelota haaraa oomishuudhaan warra du'an bakka buusuu.
- Namni hundi akkuma mallattoo qubaa adda ta'e qabu, mallattoo arrabaa (tongue print) adda ta'e qaba.
- Hidhiin namaa diimaa ta'ee kan mul'atu sababa gogaa isaa jalatti kaappilaroonni xixiqqoo hedduminaan argamaniif. Dhiigni kaappilaroota kana keessa jiru oksijinii hedduu waan qabuuf diimaa dha.

Wantota adda addaa

- Kutaan ciisichaa dilalla'aa yoo ta'e, abjuu gadhee abjoochuuf carraan qabnu guddaa ta'a. Saayintistoonni sababa waan kanaa ifatti beekuu hin dandeenye.
- Ho'i daqiiqaa 30 tti nama tokko keessaa maddu bishaan gaalonii walakkaa danfisuu danda'a.
- Yeroo nagaa caalaa yeroo nuti sodaannu gurri keenya guurii hedduu oomisha.

- Miira ibsachuuf imimmaan qopheessuu kan danda’u dhala namaa duwwaa dha. Bineensota hunda keessaa kan akka namaa boo’uu danda’u hin jiru.
- Namoonni harka mirgaan hojjetan giddu galeessaan waggaa 9 warra harka bitaan hojjetan caalaa jiraatu.

Kanas sanas

- Bineensota hunda keessaa baay’ee kan fokkisu gosa hantuutaa kan *Naked Mole Rat* jedhamu yoo ta’u, gogaan isaa rifeensa hin qabu. Halluun gogaa isaa pinkie yoo ta’u, ija gurraachaa fi ilkaan gurguddaa kan ittiin lafa qotu qaba. Hantuuti kun garee miseensota 300 qabuun kan jiraatu ta’ee, umriin isaa waggoota 30 ta’a. Baay’inaan Baha Afrikaa keessumaa Keeniyaa, Somaaliyaa fi Itoophiyaa keessatti argama.
- Namni giddu galeessi tokko guyyaatti yeroo 13 kolfa.
- Bineensonni utuu morma isaanii hin naannessiiin dudduuba isaanii arguu danda’an Illeessaa fi Paarotii dha.
- Simbirri halkanii yeroo hundumaa godoo ishee keessaa yeroo baate gara bitaatti barristi.

- Namoonni dandeettii sammuu gurguddaa qaban rifeensa isaanii keessaa zinkii fi koopparii hedduu qabu.
- Taayitaanikii hojjechuuf doolaara Amerikaa miliyoona 7 kan gaafate yoo ta'u, waa'ee taayitaanikii ilaalchisee fiilmii hojjechuuf ammoo doolaara miliyoona 200 gaafate.
- Saroonni biyya Jarman saroota addunyaa irra jiran kamiyyuu caalaa namoota ciniinuudhaan beekamu.
- Guyyaa guyyaatti namoonni miliyoonni 200 qunnamtii saalaa raawwatu, daa'imman 400,000 ni dhalatu, namoonni 140,000 ni du'u.
- Seelonni qaama diimaa guutummaa qaama namaa keessa naanna'uuf sekondii 20 qofa itti fudhata.
- Biyyoota addunyaa kanarra jiran keessaa Liibiyaan harki 99 gogaa dha. Naannoolee tokko tokkotti bokkaan utuu itti hin robin waggoonni kudhan ni lakkaa'amu.
- Addunyaa keenyarraa biyyoonni humna nama baratee hedduu qabaachuun beekaman kanneen armaan gadiiti: Kanaadaa %50

Israa'el %45 fi

Jaappaan %44 kan ta'an ummanni isaanii barnoota sadarkaa lammaaffaa ol baratanii jiru.

- Lafeewwan qaama keessa jiran keessaa harka 4 keessaa 1 kan argaman miilla keenya keessatti dha.
- Baay'inni namoota addunyaa irra jiraatanii bara 2080 tti biliyoona 15 ta'u jedhamee tilmaamama.
- Damma paawundii 1 hojjechuuf kaannisi tokko abaaboowwan miliyoona 2 irra qubachuu ishee gaafata.
- Bineensi utaaluu hin dandeenye Arba qofa dha.
- Barrisni lukkuu inni hunda irra dheeraan sekondii 13 dha.
- Namoota addunyaa kanarra jiraatan keessaa % 11 harka bitaa fayyadamu. Yeroo hedduu namoonni harka bitaa fayyadaman dandeettii sammuu cimaa qabu.
- $111,111,111 \times 111,111,111 = 12,345,678,987,654,321$
- Sa'atiin cabaan (kan hin hojjenne) guyyaatti yeroo lama sirrii ta'a.
- Namni ciqilee isaa dhungachuu hin danda'u.
- Naachi arraba isaa gad baasuu hin danda'u.
- Namoota addunyaarra jiran keessaa %50 bilbila bilbilanii hin beekan.
- Uumamaan Hantuunnii fi Fardi hoqqisuu hin danda'an.

- Goorillaan guyyaatti sa'atii 14 rafa.
- Ilkaan isaanii ilaalanii Fardeen saala isaanii baruun ni danda'a. Dhiironni hedduun ilkaan 40 qabu, dhalaan immoo 36 qabu.
- Qarshiin kan hojjetamu waraqaa irraa miti, jirbii irraati.
- Giddu galeessaan, daa'imman dhalatan keessaa 12 dogoggoraan maatii sirrii hin taaneef kennamu.
- Li'oonardoo Daavinchii yeroo tokkotti harka tokkoon barreessaa harka biraan immoo fakkii kaasuu danda'ature.
- Yeroo jalqabaaf maqasii kan abuure Li'oonardoo Daavinchii ture.
- Ardiilee hundumaa irra magaalaan Roomaa jedhamu ni jira.
- Qilleensa of dhowwachuudhaan /dhaabuudhaan of ajjeesuun hin danda'amu.
- Raammooleen tokko tokko yoo nyaata dhaban of nyaatu.
- Iji Guchii mataa ishee caalaa guddaa dha.
- Leenconni tokko tokko guyyaatti yeroo 50 ol saal-qunnamtii raawwatu.

- Namni giddu galeessi tokko bara jireenya isaatti nyaata toonii 35 nyaata.
- Namoota amma addunyaarra jiraataa jiran keessaa miliyoonni 54 ji'oota 12 dhufan keessatti ni du'u.
- Bookeen Busaa ilkaan 47 qabdi.

Cidhawwan Gaa'elaa Seenaa Keessatti Gatii Guddaadhaan Raawwataman

Seenaa keessatti cidhawwan gaa'elaa kanneen maallaqa guddaadhaan raawwataman kudha lama ilaalla. Kudha lammaffaa irraa eegallee mee hamma tokkoffaatti haa ilaallu.

12. Cidha Kaateriin Zetaa-Joonsi fi Mikaa'el Doogilaas

Lachuun isaanii taatota fiilmii bebbeekamoodha. Cidhi isaanii kan geggeeffame Hoteela Niwu Yoorki Oilaazaa jedhamutti ture. Walumaa galatti baasiin cidha kanaaf ba'e doolaara Amerikaa miliyoona 1.5 ture. Bara 2005 maallaqni hamma kana ga'u amma doolaara miliyoona 1.6 tti tilmaamama.

11. Toom Kiruusee fi Katiyee Hoolmes

Cidhi kun bara 2006 ture kan geggeeffame. Iddoon isaa jaarraa 15ffaa keessa Roomaadhaan alatti kan ijaarame Odeskaalchi Kaastil (Odescalchi Castle) bakka jedhamutti ture. Namichi Daawuson's Kiriik (Dawson's Creek) fi Baatmaan Bigiinsi (Batman Begins) keessatti taatoo fiilmii yoo ta'u, isheen is akkasuma taatuu fiilmii beekamtuudha. Namoonni bebbeekamoon kanneen akka Wiil Ismiiz, Jenefer Looppez, Deavid Beekaam, fi kanneen biroo irratti hirmaataniiru. Walumaa galatti baasiin cidha kanaaf ba'e doolaara Amerikaa miliyoona lama yoo ta'u, maallaqni kun amma doolaara miliyoona 2.2 tti tilmaamama.

10. Kiristiinaa Agu'iileeraa fi Jordaani Biraatmaan

Namichi ogeessa Poop beekamaadha. Isheen immoo qopheessituu (producer) muuziqaati. Gaawonii cidhaa Kiristiinaan uffattu qofa bituuf doolaara 80,000 tu ba'e. Iddoo bashannanaa *Napa Valley's Staglin Vineyard* jedhamutti kan adeemsifame cidhi kun walumaa galatti doolaara Amerikaa miliyoona 2 gaafateera. Sun bara 2005 ture. Maallaqni kun amma utuu ta'ee gara doolaara miliyoona 2.2 tti tilmaamama.

9. Elizaabeet Haarliy fi Aarun Naayar

Isheen moodelistii ol-aantuu fi taatuu fiilmii yoo taatu, inni immoo dhaaba Taayikoo (Tyco) jedhamutti aanga'aa olaanaadha. Bara 2007 kan geggeeffame cidhi jara kanaa walumaa galatti doolaara Amerikaa miliyoona 2.5 kan baasise yoo ta'u, maallaqni kun amma doolaara miliyoona 2.6 tti tilmaamama. Raawwatamuuf guyyoota saddeet kan itti fudhate cidhi guddaan kun Giluusestershiiritti kan argamu Suuderliiy Kaatili fi Joodiihpuritti kan argamu Umaa'id Bahaawanitti geggeeffame.

8. Paawul Maak-Kaartiney fi Hiizer Miils

Misirrottiin aktiivistii PETA akkasumas duraan moodelistii turte. Inni immoo barreessaa sirbootaa seenaa keessatti hunda caalaa milkaa'aadha. Cidhi kun akka aadaa Indiitti sirbitootaa fi agarsiistota aadaa Indiidhaan kan gaggeeffame yoo ta'u iddoon itti adeemsifame biyya Ayirilaanditti ture. Waldaa Kiristaanaa Monaaghaanitti argamu kan Waldaa Qulqulluu Salvaador jedhamutti geggeeffame. Walumaa galatti baasiin cidha kanaaf ba'e doolaara Amerikaa miliyoona 3 ture. Cidhichi bara 2002 kan geggeeffame yoo

ta'u, baasiin ba'e sun yeroo ammaatt i doolaara miliyoona 3.6 tti tilmaamama.

7. Elizaabeet Taayilor fi Laariiy Foorteniskaay

Taatu fiilmii beekamtuu turte—misirroon kun. Inni immoo hojjetaa ijaarsaa (construction) ture. Namoonni bebbeekamoon kanneen akka Liizaa Minelii, Ediyee Maarfii, fi Naansiyy Reegen irratti kan hirmaatan yoo ta'u, sirbituu beekamaan Mikaa'el Jaaksen akka abbaa dhirsa misirrootti dhi'aachuun isaa chidhicha adda taasisa. Kaalifoorniyaa, paarkii Mikaa'el Jaaksen kan Neecerlaandi Raanchi jedhamutti ture kan adeemsifame. Bara 1991 doolaara Amerikaa miliyoona 2.5 kan gaafate cidhi kun, ammatti maallaqni kun doolaara miliyoona 4 tti tilmaamama.

6. Liizaa Minelii fi Deevide Gest

Misirroon intala obbo Juudii Garlaandi yoo taatu, hojjettuu Biroodwey beekamtuudha. Abbaan manaa ishee immoo qopheessaa (producer) muuziqaati. Sirbituu beekamaan Mikaa'el Jaaksenii fi kabajamtuu aadde Elizaabet Taayiler keessummoota addaa (waahiloota) ta'uun dhi'aachuun

isaanii tarii chidhicha namoota bebbeekamoo gurguddoon kan adeemsifame isa hunda caalu taasisa. Bittaa abaaboof qofa doolaara 700,000 akkasumas keekiif doolaara 40,000 kan baasise cidhi kun bara 2002 geggeeffame. Baasiin walii galaa cidha kanaaf ba'e doolaara Amerikaa miliyoona 3.5 yoo ta'u, maallaqni hammi sun har'a gatii doolaara miliyoona 4.2 qabaata jedhama.

5. Chelsii Kiliintanii fi Maarki Meezviniskii

Misirroon intala pirezidaantii Amerikaa duraanii Biil Kiliinten yoo taatu, abbaan manaa immoo investera baankii ta'ee hiriyyaa ishee ijoollummaati. Cidhi kun haala ajaa'ibsiisaadhaan kan raawwatame yoo ta'u, walumaa galatti naannoo doolaara Amerikaa miliyoona 5 gaafateera.

4. Waayinii Ruunii fi Koliin Maaklaahiliin

Isheen warra durba Biriten hojjettuu cimtuu yoo taatu, Ruunii waliin hiriyyummaa akkanaa kan eegaltu umurii waggaa 16 tti ture. Abbaan manaa immoo seenaa keessatti tarii taphataa kubbaa miilaa eenyuuyyuu caalaa kaffaltii olaanaan kaffalameef ta'uu hin oolu jedhama. Walumaa galatti

cidha kanaaf doolaara Amerikaa miliyoona 8 kan baasan yoo ta'u, cidhichi bara 2008 ture kan geggeeffame.

3. Piriinsi Wiiliyaamii fi Kaatee Miidilton

Misirroon guutummaa addunyaa irratti ajaa'ibsiifatama guddaa kan horattu dargaggoo waggaa 29 turte. Namichi immoo ilma Piriinsi Chaarles isa angafa yoo ta'u, hidda aanga'oota warra Ingilaandidha. Bittaa abaaboof doolaara m800,000 akkasumas keekiif doolaara 80,000 tu itti ba'e. Walumaa galatti cidha kanaaf maallaqni ba'e doolaara Amerikaa miliyoona 34 ture.

2. Vaaniishaa Miitaalii fi Amiit Baatiyaa

Vaanishaan intala bareedduudha. Abbaan ishee biliyeenera yoo ta'e, maqaan isaa Laakshimii Miitaal jedhama. Abbaan manaa ishee immoo abbaa qabeenyaa Iswoordifiish Investimentis ta'ee, dhalataa Londonidha. Haala baay'ee nama ajaa'ibsiisuun hoteela Paarisitti argamu abbaa urjii shanii tokko keessatti geggeeffame. Bara 2005 baasii walii galaa doolaara Amerikaa miliyoona 60 kan gaafate cidhi guddaan kun, ammaati doolaara miliyoona 66 ta'a.

1. Piriinsi Chaarlesii fi Leedii Di'aanaa

Misirroon barsiistuu addunyaa irratti beekamtuu turte. Inni immoo ilma Giiftii Elzaabeet II dha. Cidha guddaa Kaateediraalii Qulqulluu Phaawuloositti ta'e kana aanga'oonni hedduun irratti hirmaatanii, namoonni miliyoona 750 ol ta'an Televiiziyoonaan daw'ataniiru. Keekiiwwan cidha kanaaf oolan qopheessuuf torbanoota 14 fudhate. Bara 1982 baasii walii galaa doolaara Amerikaa miliyoona 48 n kan geggeeffame cidhi kun, ammatti doolaara miliyoona 110 tti tilmaamama. Gatii hamma kanaan geggeeffamuu isaafis seenaa keessatti cidhawwan addunyaa irratti geggeeffaman keessaa isa gati jabeessa ta'ee yaadatama. Bor waan ta'u hin beeknu, hanga ammaatti garuu cidhi Piriinsi Chaarlesii fi Leedii Di'aanaa dorgomaa hin qabu.

Dureeyyota Addunyaa Kanaa Warra Gurguddoo Digdama

Qabeenyi addunyaa kanaa hedduminaan harka namoota dhuunfaa akka jiru beekamaadha. Dhalli namaa qabeenyaddunyaa kana irra jiru wal qixa itti fayyadamaa hin jiru. Walumaa gala qabeenyi jiru namoota dhibbantaa 6 qofa ta'aniin hoogganamaa jira. Mee odeeffannoof akka ta'utti hamma yeroo ani kitaaba kana barreesseetti dureeyyoota addunyaa keenyaa warra gurguddoo digdama qofa haa ibsu. Digdamaffaa irraa eegalee hanga isa tokkoffaattin tarreessa.

20. Maqaan isaa Sergeey Biriin jedhama.Lammii Amerikaa yoo ta'u, umriin isaa waggaa 41 qofadha. Maddi galii isaa Guugilii (Google)dha. Namichi kun walii galatti doolaara biliyoona 29.2 qabaachuudhaan addunyaa keenya irraa dureessa sadarkaa digdamaffaa irratti argamuudha.

19. Laarii Peej jedhama. Ga'eessa waggaa 42 yoo ta'u, maddi galii isaa dhaabbata Guugilii (Google) dha. Walumaa galatti doolaara biliyoona 29.7 qabaachuun

dureessa kudha salgaaffaadha. Namichi kun lammii Amerikaati.

18. Maqaan isaa Shelden Adelsen jedhama. Jaarsa waggaa 81, lammii Amerikaati. Maddi galii isaa kaasinoos jedhama. Walii galatti doolaara biliyoona 31.4 qaba.
17. Nama lammii Hoongi Koongi kan maqaan isaa Lii Kaashingi jedhamudha. Maddoota galii adda addaa waan qabuuf kana sana jechuun ni ulfaata. Qabeenyi isaa walumaa galatti doolaara biliyoona 33.3 ta'ee, dureessa addunyaan qabdu isa kudha torbaffaadha.
16. Dargaggeessaa waggaa 30 kan maqaan isaa Maarki Zuukerbergi jedhamudha. Nama lammii Amerikaa ta'ee, maddi galii isaa Feesbuukii (Facebook)dha. Yeroo jalqabaaf Feesbuukii kan abuure isadha. Walumaa galatti doolaara biliyoona 33.4 qaba.
15. Jeef Bezoos jedhama; nama lammii Amerikaati. Umuriin isaa waggaa 51 ta'ee, maddi galii isaa dhaabbata Amazon.com jedhamudha. Qabeenyi isaa doolaara biliyoona 34.8 ta'ee, dureessa sadarkaa 15ffaa irratti argamudha.

14. Maqaan isaa Mikaa'el Biluumbergi jedhama. Nama lammii Amerikaati. Umuriin isaa waggaa 73 yoo ta'u, maddi galii isaa '*Bloomberg LP*' jedhama. Doolaara biliyoona 35.5 qabaachuudhaan sadarkaa kudha afraffaa qabatee jira.
13. Bernaardi Arnaa'ulti jedhama. Nama lammii Faransaay ta'ee, maddi galii isaa LVMH jedhama. Umuriin isaa waggaa 66 yoo ta'u, qabeenyi isaa walii galatti doolaara biliyoona 37.2 dha.
12. Maqaan isaa S.Roobsen Waalten jedhama. Nama lammii Amerikaa ta'ee umuriin isaa waggaa 71 dha. Maddi galii isaa Wal-marti jedhama. Doolaara biliyoona 39.1 ta'uun isaa dureessa sadarkaa 12ffaa isa taasiseera.
11. Aliis Waalten jedhamti; dubartii lammii Amerikaati. Umuriin ishee 65; maddi galii ishee Wal-Marti jedhama. Qabeenyi ishee doolaara biliyoona 39.4 dha.
10. Liliyaane Beetenkoorti, maanguddoo waggaa 92 taatee dubartii lammii Faransaayidha. Maddi galii ishee L'Oreal jedhama. Doolaara biliyoona 40.1 qabaachuudhaan sadarkaa kurnaffaa irratti argamti.

9. Jiim Waalten jedhama. Nama lammii Amerikaa ta'ee, umuriin isaa 67 dha. Maddi galii isaa Wal-Maartidha. Walumaa galatti qabeenyi isaa doolaara biliyoona 40.6 dha.
8. Kiristii Waalten, dubartii waggaa 60 taatee lammummaan ishee Amerikaadha. Maddi galii ishee Wal-Maartidha. Qabeenyi ishee walii galaa doolaara biliyoona 41.7 dha. Qabeenyi hammi kun egaa dureettii sadarkaa 8ffaa ishee taasissee jira.
6. Deevud Kooch jedhama, nama lammii Amerikaati. Maddoota galii adda addaa qaba. Umuriin isaa 75 yoo ta'u, walumaa galatti qabeenyi isaa doolaara biliyoona 42.9 ta'a. Kanaanis Chaarles Kooch waliin wal qixa ta'uudhaan sadarkaa ja'affaa qabata.
6. Chaarles Kooch kan jedhamu yoo ta'u, maddoota galii adda addaa qaba. Nama lammii Amerikaati. Jaarsa waggaa 79 ta'ee, qabeenyi isaa akkuma kan Deevud Kooch doolaara Amerikaa biliyoona 42.9 dha. Kanaaf Deevud Kooch waliin sadarkaa ja'affaa qooddata.

5. Laariiy Eliisen nama lammii Amerikaati. Umuriin isaa waggaa 70 yoo ta'u, maddi galii isaa Ooraakil (Oracle) jedhama. Qabeenyi isaa walumaa galatti doolaara biliyoona 54.3 dha. Dureessa sadarkaa shanaffaa irratti argamudha.
4. Amanshoo Ortegea, nama lammii Ispeenidha. Jaarsa waggaa 79 yoo ta'u, maddi galii isaa Zaaraa jedhama. Doolaara biliyoona 64.5 qabaachuudhaan dureessa addunyaa kanaa sadarkaa afraffaa ta'ee jira.
3. Maqaan isaa Waaren Buufet jedhama. Nama lammii Amerikaa yoo ta'u, umuriin isaa waggaa 84 dha. Maddi galii isaa dhaabbata '*Berkshire Hathaway*' jedhamudha. Walumaa galatti doolaara Amerikaa biliyoona 72.7 qabaachuudhaan dureessa addunyaa kanaa isa sadaffaadha.
2. Kaarlos Isliim Heluu jedhama; nama lammii Meeksikoodha. Maddi galii isaa '*telecom*' jedhama. Jaarsa waggaa 75 dha. Dimshaahaan doolaara Amerikaa biliyoona 77.1 qabaachuudhaan dureessa sadarkaa lammaffaati.

1. Addunyaa keenya irraa qabeenyaadhaan tokkoffaa ta'ee hoogganaa kan jiru Biil Geetis jedhama. Nama lammii Amerikaa ta'ee, umuriin isaa 59 dha. Maddi galii namicha kanaa dhaabbata *Microsoft* jedhamudha. Biil Geetis walumaa galatti doolaara Amerikaa biliyoona 79.2 qabaachuudhaan qabeenyaan tokkoffaa ta'ee dureessota addunyaa keenyaa hooggana. Doolaara biliyoona 79.2 kana qarshii 20'n baay'ifnee gara maallaqa Itoophiyaatti yoo jijjiirre, maallaqa Itoophiyaa biliyoona 1584 ta'a. Hammi kun Itoophiyaa fi saba ishee waggoota meeqa jiraachisuu danda'a laata?

Hubachiisa: Sadarkaan armaan olii kun kan ba'e bara 2015 yoo ta'u, anis kitaaba kana bara kana keessan barreesse. Hammuma waggaan dabalaa deemu qabeenyi isaaniis ta'e umuriin jara kanaa jijjiiramuu mala.

Laggeen Gurguddoo Addunyaa Kanaa 1-10

Lakk.	Maqaa Lagaa	Bakka itti argamu	Dheerina Maayiliidhaan
1	Naayil	Afrikaa	4180
2	Amaazon	Amerikaa Kibbaa	3912
3	Misisiippii (Misurii— Reed Rook)	USA	3710
4	Chaangi Jiyaangi (Yaangizee)	Chaayinaa	3602
5	Oob	Raashiyaa	3459
6	Huwaangi Hoo (Yelow)	Chaayinaa	2900
7	Yenisee	Raashiyaa	2800
8	Paaranaa	Amerikaa Kibbaa	2795
9	Irtiish	Raashiyaa	2758
10	Zaayer (Kongoo)	Kongoo	2716

Gaarreen Gurguddoo Addunyaa Kanaa 1-10

Lakk.	Maqaa Gaaraa	Bakka itti Argamu	Dheerina
1	Eeveresti	Neeppaal	29035
2	K2 (Gaara Goodwii n Awusten)	Paakistaan/C haayinaa	28250
3	Kaangiche njungaa	Indiyaa/Neep paal	28169
4	Lotsee	Neeppaal/Tib eet	27940
5	Makaaluu	Neeppaal/Tib eet	27766
6	Choo Oyuu	Neeppaal/Tib eet	26906
7	Dhawulaa girii	Neeppaal	26795
8	Manaasiluu	Neeppaal	26781
9	Naangaa Paarbaat	Paakistaan	26660
10	Annaapurna	Neeppaal	26545

Biyyoota Addunyaa, Magaalota Gurguddoo Isaanii fi Maallaqa Isaanii

<u>Biyya</u>	<u>Magaalaa</u> <u>Guddaa</u>	<u>Maallaqa</u>	<u>Afaan Hojii</u>
Afgaanistaan	Kaabul	Afgahaanii	Afgahaanii
Afrikaa Kibbaa	Piriitooriyaa	Raandii	Afrikaansi/Ingiliffa
Albaaniyaa	Tiraanee	Leek	Albaaniyaan
Aljeeriyaa	Aljeersi	Dinaara	Afaan Arabaa
Angoolaa	Luwaandaa	Kiwaanzaa	Poorchugiizii
Arjentiinaa	Bunos Ayires	Peesoo	Ispaaniishii
Awustiraaliyaa	Kambeeraa	Doolaara	Afaan Ingilizii
Awustiriyaa	Veenaa	Shilingii	Afaan Jarmanii
Bahaamaas	Naasuu	Doolaara	Afaan Ingilizii/Kiroo lee
Baahiren	Al-manaamaa	Dinaara	Afaan Arabaa
Baangilaadesh	Dhaka	Takaa	Beengaalii
Beeljiyeem	Biruselsi	Yuuroo	Dach/fireenchii
Booliiviyaa	Laa Paaz	Peesoo	Ispaaniishii
Bootiswaanaa	Gaaboroonee	Pulaa	Afaan Ingilizii
Biraazil	Biraasiiliyaa	Kiruuzeroos	Poorchugizii

Bulgaariyaa	Soofiyaa	Leev	Bulgaariyaanii
Burkinaa Faasoo	Ogaadoguu	CFA	Fireenchii
Burundii	Bujumburaa	Firaankii	Kirundii/Fireenchii
Ispaan	Maadriid	Yuuroo	Ispaaniishii
Kaamboodiyaa	Finoom Penih	Riyeel	Kimer
Kaameruun	Yaawundee	CFA	Fireenchii
Kanaadaa	Otawa	Doolaara	Afaan Ingilizii/Fireenchii
Rippaabilika Afrikaa Giddu Galeessaa	Baanguyii	CFA	Fireenchii
Chaad	Jaamenaa (N'Djame na)	Firaankii	Fireenchii
Chiilii	Saantiyaagoo	Peesoo	Ispaaniishii
Chaayinaa	Beejiingi	Yeen	Mandariin
Kolombiyaa	Bogataa	Peesoo	Ispaaniishii
Komoroos	Moroonii	Firaankii	Fireenchii/Afaan Arabaa
Kongoo, Rippaabilik ii	Biraazaavil	Firaankii	Fireenchii

Kongoo, Demokiraatik Rippaabilikii	Kinshaasaa	Firaankii	Fireenchii
Kostaa Rikaa	Saan Josee	kolon	Ispaaniishii
Koot Divo'aar	Abiijaan	CFA	Fireenchii
Kirooshiyaa	Zaagreb	Dinaar	Kirooshiyaanii
Kiyubaa	Havaanaa	Peesoo	Ispaaniishii
Qoophiroos	Nikoosiyaa	Paaawundii	Afaan Girikii/Turkiishii
Rippaabilika Sezek (Czech)	Piraagaay	Korunaa	Sezek
Denmaarki	Koopenhaagen	Yuuroo	Daaniishii
Jibuutii	Jibuutii	Firaanki	Fireenchii
Ikkuwaador	Kuwiitoo	Peesoo	Ispaaniishii
Ijibtii (Gibxi)	Kaayiroo	Paawundii	Afaan Arabaa
El Salvaador	Saan Salvaador	Kolon	Ispaaniish
Ertiraa	Asmaraa	Naakfaa	Tigriffa
Istooniyaa	Taaliin	Rooble	Istooniyaanii

Itoophiyaa	Addis Ababaa	Birrii	Afaan Amaaraa/ Afaan Oromoo/ Afaan Tigiree
Fiinlaandi	Helsinkii	Maarkihaa	Finishii
Faransaay	Paariis	Yuuroo	Fireenchii
Gaabon	Libirevilii	CFA	Fireenchi
Gaambiyaa	Baanjul	CFA	Afaan Ingilizii
Joorjiyaa	Tibilisii	Rooble	Joorjiyaanii
Jarmanii	Beerlin	Yuuroo	Afaan Jarman
Gaanaa	Akiraa	Keedii	Afaan Ingilizii
Girik	Ateensi	Diraakmaa	Afaan Girik
Guutemaalaa	Guutemaalaa	Kuweenzaal	Ispaaniishii
Giinii	Koonakirii	Siilyii	Fireenchii
Haayitii	Poorti—awuu-- Pireensi	Goordee	Freenchii/ Kiroolee
Hoonduraas	Teegusiigalpaa	Leempiraa	Ispaaniishii
Haangaarii	Budaapesti	Foorinti	Haangaariyaanii
Indii	Niwu Delhii	Ruppee	Afaan Ingilizii/ Indii
Indooneeshiyaa	Jakartaa	Ruuppiyaa	Bahaasaa
Iraan	Teehraan	Riyaal	Pershiiyaanii

Iraaq	Baagihdaad	Dinaara	Afaan Arabaa
Aayirilaandi	Dubliin	Yuuroo	Afaan Ingilizii
Israa'el	Yerusaalem	Sheqelii	Afaan Ibrootaa
Xaaliyaanii	Roomaa	Yuuroo	Afaan Xaaliyaanii
Jamaayikaa	Kiingisten	Doolaara	Afaan Ingilizii
Jaappaan	Tookiyoo	Yen	Jaappaaniizii
Jordaan	Ammaan	Dinaara	Afaan Arabaa
Keenyaa	Naayiroobii	Shilingii	Afaan Ingilizii/ Kiswaahilii
Kooriyaa Kaabaa	Piraangiyaangi	Woon	Afaan Kooriyaa
Kooriyaa Kibbaa	Siwul	Woon	Afaan Kooriyaa
Kuweet	Kuweet Siitii	Dinaara	Afaan Arabaa
Liibaanon	Beeruut	Paawundii	Afaan Arabaa
Laayibeeriyaa	Monrooviyaa	Doolaara	Ingiliffa
Liibiyaa	Tiriipoolii	Dinaara	Afaan Arabaa
Madagaaskaar	Antananaariivoo	Firaankii	Fireenchii/Malagaas ii
Maalaawii	Liiloongiwee	Kiwaachaa	Ingiliffa
Maaleezziyaa	Kuwaalaa Lumpur	Riingitii	Bahaasaa Melaayuu
Maalii	Bamaakoo	CFA	Fireenchii
Mooritaaniyaa	Naawulchoot	Ooguyaa	Afaan Arabaa

Mooritiyus	Poorti Luwis	Rupee	Fireenchii/Ingiliffa
Meeksikoo	Meeksikoo Siitii	Peesoo	Ispaaniishii
Mongoliyaa	Ulan Baator	Tugik	Mongol
Morookoo	Raabaat	Dirhaam	Afaan Arabaa
Moozaampik	Maapuutoo	Meetikaa	Poorchugisii
Naamiibiyaa	Wiinduuk	Doolaara	Ingiliffa
Neeppaal	Kaatamaanduu	Rupee	Neeppaalii
Neezerlaandis	Amsterdam	Yuuroo	Daach
Niwe Zilaandi	Wiilingiten	Doolaara	Ingiliffa/Maa'or
Nikaaraaguu	Maanaaguu	Koorobaa	Ispaaniishii
Niijer	Ni'aamey	CFA	Fireenchii
Naayijeeriyaa	Abuuja	Naayiraa	Ingiliffa
Noorwey	Osloo	Kiroonee	Noorweejiiyaanii
Omaan	Muskaat	Riyaalii	Afaan Arabaa
Paakistaan	Islaamaabaad	Rupee	Urduu/Ingiliffa
Paanaamaa	Paanaamaa Siitii	Baalbo'aa	Ispaaniishii
Paaraaguwaay	Asunshiyoon	Guwaaraanii	Ispaaniishii
Peeruu	Liimaa	Nuweevoo	Ispaaniishii

Filiippiinsi	Maaniillaa	Peesoo	Filiippiinoo/Ingiliffa
Poolaandi	Waaarsaaw	Zilootii	Pooliish
Poorchugaal	Liisbon	Iskuudoo	Poorchugiisii
Kuwaatar	Dohaa	Riyaal	Afaan Arabaa
Roomaaniyaa	Buchaaresti	Le'uu	Roomaaniyaan
Raashiyaa	Moskoow	Ruubilee	Raashiyaan
Ruwaandaa	Kiigaalii	Firaankii	Fireenchii
Saawud Arabiyaa	Riyaadih	Riyaal	Afaan Arabaa
Senegaal	Daakaar	CFA	Fireenchii
Seraa Liyoon	Firiitaawon	Liyoonii	Ingiliffa/ Mendee
Singaappoor	Singaappoor	Doolaara	Afaan Chaayinaa/ Maalaay
Somaaliyaa	Mogaadishuu	Shilingii	Afaan Somaalee
Sirii Laankaa	Koloomboo	Rupee	Taamil/Ingiliffa
Sudaan	Kaartum	Dinaara	Afaan Arabaa
Siwaazilaandi	Baabaanee (Mbabane)	Liilaangeenii	Ingiliffa/ Siswaatii
Siwiidin	Istookoolmi	Kirooneer	Siwiidish
Siwiizerlaandi	Bern	Firaankii	Afaan Jarman/Fireen chii

Siiriyaa	Damaasqoo	Paawundii	Afaan Arabaa
Taayiwaan	Teeppee	Doolaara	Afaan Chaayinaa
Taanzaaniyaa	Dodoma	Shilingii	Siwaahilii/Ingiliffa
Taayilaandi	Baankook	Baahit	Taayii
Toogoo	Loomee	CFA	Fireenchii
Tuuniisiyaa	Tuunis	Dinaara	Afaan Arabaa/Fireen chii
Turkii	Ankaaraa	Liiraa	Turkishii
Yugaandaa	Kampaalaa	Shilingii	Ingiliffa
Yukireen	Kiiv	Kaarbovaanee	Yukireeniyaanii
Yuunaayitid Arab Emireetis	Abu Daabii	Dirhaam	Afaan Arabaa
Yuunaayitid Kiingidom	Lenden	Paawundii	Ingiliffa
Yuunaayitid Isteetis oof Amerikaa	Waashingiten D.C	Doolaara	Ingiliffa
Uraagaay	Moonteviidiyoo	Niivoopesoo	Ispaaniishii
Venezuweelaa	Kaaraakas	Booliivar	Ispaaniishii
Veetnaam	Haano'ii	Doongi	Veetnaamiis
Yemen	Sanaa	Ri'aal	Afaan Arabaa
Zaambiyaa	Luusaakaa	Kiwaachaa	Ingiliffa

Zimbaabuwee	Haraaree	Doolaara	Ingiliffa
-------------	----------	----------	-----------

Hubannoof

Haqawwan ajaa'ibsiisoo ani kitaaba kana keessatti barreesseef madda eeruun akka na irraa eegamu nan beeka. Sun baay'ee barbaachisaadha. Garuu madda akkan hin eerre rakkoon ni jira. Kitaabotaa fi marsariitiiwwan hedduu irraa waanan walitti qabeef sana hundumaa akka maddatti yoon kaa'e, gar malee baay'ata. Yaaleen ture. Garuu hin dandeenye. Kanaafuu, itti gaafatama hundumaa fudhadhee akkasumatti maxxansuun filadhe. Gaaffii qabdaniif teessoon koo kitaabicha irra jira. Na gaafadhaa. Madda kaa'uu dhabuu koof na hofkalchaa! Horaa bulaa!